Qu’annaa Macaafa qulluu Macaafota Kakuu Moofaa keessaa qopha’an

Karoora Waaqayyoo Fillannoo keenya.

Seera Umamaa 1-11

Barumsa 1 Umama- Umama karoora Waaqayyoon

Barumsa 2 Kufaatii- Maaltu bade?

Barumsa 3 Qaayinii fi Abeel-An eegduu Obboleessa kootiitii?

Barumsa 4 Bishaan Bidiisaa- Deebi’ee hin ta’u

Barumsa 5 Riqicha Babiloon- Nohi hamma Abraamitti

“Dubbii kee abdiidhaan waanan eeggadhuuf …” Far 119:74

Dursa

Adeemsa jireenya kee kana boodaatti bifa godhu eegalaa jirta. Hawwiinii fi fedhiin guddaan hubannoo Macaafa Qulqulluuf qabdu adeemsakee kana kan murteessuufi kan adda godhuu dha. Qu'annaa kana garaa guutuudhaan qu'achuun eebbaa kakuu sagalee Waaqayyoo sagalee isaa keessaan kenne jireenya keessan keessaan akka mul'atu godha.

Qu'annaa kana akkaataa gaariin akka qu'atuuf meeshaaleen armaa gadii baayyee si barbaachisu.

1. Kutaa Qu'annaa Macaafa qulqulluu 'Karoora Waaqayyoo fillannoo keenya ' jedhu kana
2. Macaafa Qulqulluu Afaan Oromoo bara 1997 waldaa Macaafa Qulqulluu Itoophiyaan Maxxanfame yookin haaraa kan bitatu yo ta'e waantota armaa gadii kan qabu yo ta'e gaarii dha.
    a. Wal-agarsiiftuu Kutaalee Macaafa Qulqulluu kan qabu
    b. Baafata Macaafa Qulqulluu
    c. Kaartaa barbaachisoo ta'an kan qabu
3. Qalama yookin kobbii(pencile) akkasumas maarkeroota alluu addaa addaa qaban mallattoo godhachuuf nama fayyadan
4. Baruulee yaadannoo

Macaafi Qulqulluun keessan meeshaalee lakkoofsa 1 jalatti maqaa dha'aman yo qabaatan qu'annaa keessan haala milka'een keessa baatu. Yeroo jalqabaatiif Macaafa Qulqulluu keessan dubbiftu yo ta'e ' Ilaalcha Macaafa Qulqulluu' kan jedhu kutaa qu'annoo dursitanii yo ilaaltan gaarii dha. Kutaan qu'annoo kun meeshaalee qu'annaa Macaafa Qulqulluuf isin fayyadanii wajjin wal isin barsiisa. Barataa Macaafa qulqulluu gaarii isin godha. Kutaa kan qu'achuun garuu 'Karoora Waaqayyoo fillannoo keenya ' qu'achuuf waan isn gargaaru hinqabu.

Macaafa Qulqulluu keessan irratti mallattoo garaa garaa; jala sararuu, itti naannessuu, fi kkf gochuu hin soodaatina. Sababi isaa Macaafa qulqulluu dhuunfaa keessanii qu'achuuf qopheefattan waan ta'eef. Akkasumas baruulee yaadannoo, moobayilii, kan biro warraabbii sagaleefis ta'e yaadannoo qabachuu fi gaaffilee garaa garaa itti qabachuuf fayyadama.

Qu’annooleen kun Macaafa Qulqulluu keessan, gargaarsa barsiisaa malee dhuunfaa keessanitti akka isin gargaaraniif yaadamee kan qopha’anii dha. Sirna qu’annaa kanaaf of-laannaan rakkoo tokko malee qu’annaa kana keessa darbuu dandeessu. Qu’annaa kana yeroo qu’attan yaada haaraa, ragoolee fi gaaffilee deebii barbaadan argitu.

Qu’annaa kana yeroo qu’attan hiriyyoota keessan itti afeeruu hi dagatina. Waaqayyo sagalee isaatti yeroo isinitti dubbatu qalbii dubbicha fudhatu qabaa dha. Seenaan Macaafa Qulqulluu kun jaalala isa guddaa Waaqayyo karaa ilmaa isaatii Gooftaa keenyaa fi Fayyisaa keenyaa Yesuus Kiristoos isinitti mul’ise, garaa keessan keessatti isiniif haa mirkaneessu.

Barumsa tokkoffaa

Umama: Hojii harka Waaqayyoo

Seera Umamaa 1-2 Seenaa Umamaa

Itti Lixa

Waaqayyo uumaa

Umama akkaataa ibsa Seera Umammaatti

Guyyaan Sanbataa dhaabbachuu

Akkaataa Umama namaa

Gaa'ela

Mukicha Hamaa fi gaarii nama barsisu

Hojiirra oolchuu

Itti Lixa

Seerri Uamaa Macaafa Qulqulluu keessatti Macaafa jalqabaatti. Seera umamaa jechuun waanta inni jalqabumatti Uumuu Waaqayyoon egaluufii dha. Macaafi kun waa'ee uumamaa ibsa Macaafa Qulqulluu kenna. Boqonnaawwan jalqabaa lamaan keessatti waa'ee uumamaa ibsa Macaafa Qulqulluu dubbifna. Waaqayyo waan hundumaa samii fi lafa irratti hojjete.Waanti Waaqayyo uume hundumtu gaarii turan, baayyee gaarii! Seerrii uumamaa boqonnaan tokkoo fi lama akaataa uumama nama isa jalqabaa Addaamii fi dubartii ishee jalqabaa Hewwan ibsa kenna. Waaqayyo akka bifasaatiitti erga isaan uume boodaa iddoo dhaabaa Edden akka totolchanii fi eeganiif kaayyefatee isaan ka'e.

Seera uumamaa keessatti hojiin uumamaa eegalaman Seera Umamaa keessatti hinxumuramne. Waanta nama gammaachiisu tokko seera Umamaa 2:10 irratti arganna. Kutaa kana irratti waa'ee bishaan isa jalqaba maqaa dha'amee argina. Lakkoofsa kudhan irratti akkasi jedhee eegala ' Iddoo dhaabaa sana obaasuudhaaf Eedden keessaa bishaan in burqe...' Bishanichis burqaa bishaanii afuritti in hirama ture. Kutaa kana keessatti salphamatti kan nutti hubannu barbaachisummaa seenaa umamaa ti.

Akkuma hubatamu bishanni hundumtu ka'umsa qaba. Biyya lafaa irratti dheerina isaattiin kan beekamu bishannii Abbayya yookiin Naayil ka'umsi isaa bishaan ciisaa Xaanaa fi naannoo sanatti kan argaman iddoowwan olka'ooraa ti. Bishaanni Han jehamu biyyaa Kibbaa Kooriyaatti argamu iddii wal-argee bishaan Namihannii fi Bukhaam. Bishaanni guddichi Amazonis gaareewwan Andees irraa ti. Bishaanonni hundumtu xinnatanullee iddoo ka'umsa qabu. Bishanni iddoo biqilaa Eeddenii burqanis ka'umsi isaa Macaafota seenaa Macaafa Qulqulluu keessaa isa duraa kan ta'e boqonnaa lamaffaa irraa dhangala'aa seenaa Macaafa Qulqulluu keessa darbe har'a ga'eera, hamma bara baraattis itti fufa. Bishaan kana Macaafa Qulqulluu guutummaa keessatti hordofuu dandeenya. Bishaanni kun burqaawwan isaa arfannuun fi akkaataa ibsa fakkiitti saba keenya burqaa jireenyaa hundaa isa ta'ee wajjin bishaan wal agarsiissuu dha.

Macaafni Seera Uumamaa Macaafa akkuma burqaa bishaan guddaa kanaa ti. Sagalee Waaqayyoo hammuma qu'ate ka'umsa kee kana yeroo ilaaltu waanta barumsichattii sooramtutti in gammadda. Biyya lafaa kana irrattti itti gammaddi.Qu'annaan kee kun dheebuu lubbuu kee kan baasu burqaa bishaan jiraataa siif haa ta'u.(Yoh 4:10)

Ademsa ilaacha Macaafa Qulqulluu yeroon itti eegallu ga'eera. Macaafa Qulqulluu kee Seeraa uumamaa boqonnaatokko banni.Boqonnicha lakkoofsa tokko irraa haa eegallu. Jechawwan jalqaba sadan barreessa.

Boqonnaa tokko

Itti Lixa

Kutaan barumsaa kun carraa itti dhi'eenyaan ibsa Macaafa qulqulluu waa'ee uumamaa ilaaltu sii kenna.Adeemsi barumsichaa falmiif utuu hin ta'iin waa'ee umama Samii fi lafaa odeeffannoo sirrii sagalee Waaqayyoo irraa akka argattuu akka hubattu kan godhan gaaffii keessa keetti dabaluuni. Qu'annoo keetti gammadi!

Hojii manaaSeeraa Umamaa boqonnaawwan lamaan jalqabaa dubbisi.

Gilgaala

1. Seerri umamaa 1:1 maal sitti hima?

   a._____

   b. _____

Waaqayyo uumaa akka ta'ee fi samii fi Lafi immoo umama akka ta'an dubbata. Ammaa Xiyyeeffannaa keenya dura Waaqayyo uumaa dhadhugaa jedhu irratti haa godhannu.

2. Itti fufanii kan tarreeffaman agarsiiftoonni sadan uumama kan uume waaqayyo ture dhugaa jedhu yaadachiisu.
   a. Macaafa Faarfannaa 102:25 Waa'ee Waaqayyoo yeroo dubbatu akkas jedha
      _____
   b. Macaafa Faarfannaa 115:15 Waa'ee Gooftaa mirkanneessuu inni kennu
      _____
   c. Macaafa Faarfannaa 148:5 'Innii _____
      Isaan_____

Xiinxaluu

Yaadota keessan muraasa galmeessuu jalqabaa.

---

1. Waaqayyo uumaa dha jechuun anaaf maal jechuu dha?
   _____
2. Yeroo muraasaaf waan uumte tokko itti yaadi; tarii waanta ati uumte yookiin harka keetiin hojjette ta'uu in danda'a. Akka nama waan tokko uumeettii yaaddeetta waan ta'eef hojichaaf eegganna gota.Yeroo muraasa fudhadhuutti Waaqayyoon samii fi lafa uumuutiif qopheerraa akka jirutti yaadi. Waaqayyo hojichaa eeggannaan karoorfachuu isaa yammuu yaaddu waantonni sitti dhaga'aman maal fa'i?
   _____

Boqonnaa 2

Hojii manaa Seera Umamaa 1:1-2 irra deebi'ii dubbisi.

GIlgaala

1. Seenaan waa'ee Waaqayyoo Samii fi lafa uumaa isaa utuu hin dubbatamin dura Macaafi Qulqulluun lafi maal fakkaatti jedha? Uma 1:2

a. _____

b. _____

c. _____

Bifa kan hin qabne, onaa fi dukkanaan kan haguugame … jechoonni kun keessummaa fakkaatu miti? Onaa fi dukkana isa jedhu hubachuun cimaa miti. Garuu jechi bifa kan hin qabne jedhu maal jechuu dha? Hiikoleen Macaafa Qulqulluun Afaan Ingiliffaan barreeffaman tokko tokko "Yeroo jalqaba" gara kan hinqabne fi duwwaa, bifa kan hinqabne onaa jedhu. Tokko seera kan hinqabne waan wal- keessa bade ture jedheera. Waanti namatti tolu yeroo shakkii, yeroo gad dhiisii(seera malee ta'uu) Waaqayyoo hojjechuuf murteessuu isaa ti.

2. Seera Umamaa 1:2 nama dubbifatuuf Waaqummaan argamuu Waaqayyoo jechoonni ibsan isaan kami?

   _____

   _____

   Hafuurri Waaqayyoo avhi ture. Akkas nuun jedha "Hafuurri Waaqayyoo bishaan irra in socha'a ture" Yeroo sanatti waanti adda ta'e tokko raawwatamuun isaa nutti dhaga'ama. Fakkeenyi kunis eegumsa warri ijoollee isaaniif godhan kan agarsiisuu dha.

3. Argamuu Hafuura Waaqayyoo ibsuudhaaf fakkii attamii yookin fakkeenya attamii fayyadamta?Seerri keesa deebii fi Macaafii Raajii Isaayaas si gargaaruu danda'u. Kan kanatti aanan kana hubadhu!

   a. Seera Keessa Deebii 323:11-

      _____

   b. Isaayaas 31:5-

      _____

Hojiirra oolchuu

Hafuurri Waaqayyoo bifa kan hin qabne, onaa fi dukkana waan ta'e irraa socha'a ture. Yoom yeroo jireenyi koo akkas bifa kan hinqabne,onaa fi dukkana ta'ee kan natti dhaga'ame?

Yeroo kanatti eegumsa Waaqayyoon eegamuun koo beekuudhaan Waaqayyoof ulfina kennuun garaa garummaa attamii jireenya koo keessatti fida laata? _____

Kadhata

Yaa Gooftaa! Umamni utuu hinjalqabamin durallee argama Waaqummaa keetiif sin galateeffa dha. Waan uumte hundumaarra socho'uu itti fufteeta'oo, hojii harka keetii kan ta'an uumamaaf eeggannaa gootuuf, anaa fi kan nan jaalladhu hundumaaf eeggannaa ati gootuuf sin galateeffa dha.

Gilgaala

Boqonnaa kana keessatti Waaqayyoo akka uummaatti yeroo dubbauu fi umama immoo gara ta'uutti yeroo fudu hubanna. Fkkeenya Uma 1:3. Macaafa Faarfannaa 148:5 irratti kan dubbifnu ;

"Inni_____

isaan

_____

1. Waaqayyo Abboommii(sagalee) isaatiin kan uume umama hunda barreessaa

a. Guyyaa jalqabaa Uma 1:3-5

_____

b. Guyyaa lammaffaa Uma 1:6-8

_____

c. Guyyaa sadaffaa Uma 1:9-13

_____

d. Guyyaa Arfafaa Uma 1:14-19

_____

e. GuyyaaShanaffaa

_____

f. Guyyaa ja'affaa

---

2. Waaqayyoo Umama umeef hunduaaf eebbaa fi qajeelfama garaa garaa inni kenne yaadi. Fak.Uma 1: 4 irratti "ifichas dukkanatti gargar **in baase**" jedha.

Darbee lakkoofsa 9 irratti immoo ” bishaannonni bantii waaqaa kanaa jala jiran iddoo tokkotti **walitti qabaman**”. Lakkoofsa 22 irratti umama eebbisee akkana ittiin jedhe “**Horaa, baayya dhaa**….”

3. Gaaleen sadii baoqonnaa sadii keessatti irra deddeebi’amaniiru. Gaaleewwan kana barbaadiitti tokkoo tokkoon gaalee ala meeqa hojiirra akka oole barreessi.

a. “Waaqayyos…. jedhe…” ala _____

b. “…in ta’e.” ala_____

c. “Waaqayyos ifichi gaarii akka ta’e in arge;…” ala_____

4. Jechoota irra deddeebi’aman kana irraa maal baranna?

a. _____

b. _____

c. _____

Waaqayyo Umaa dha. In dubbate. Umamnis waan hin jirrerraa gara jireenyaatti dhufan. Waan inni uume hundumtuu gaarii ture,; baayyee iyyuu gaarii! Uma 1:31

Gaaffii hojiirraa oolchuu

1. Waaqayyoo uumaa akka ta’e yammuun yaadu, waan uume hundumaa yeroo eeguu fi yeroo kunuunsu yoom, eessatti fi attamittan arga?

_____

2. Yeroo tokko tokko Waaqayyo umama waan gatee fi waan irraanfateettan yaada. Eegumsa innii umama eegu maalan barra dha.

a. Qol 1:16-17

---

b. Mat 6:24-34

Gadi faggeenyaan qu’achuu

1. Waaqayyoo Umama hundumaa dura tureera. Innii Hin uumamne. Kan bara baraa ti.Yeroo hundumaa ture yeroo hundumaafis in jiraata. Mul 1:8 irratti innii akka _____ fi _____ maqaa dha’ameera. Mul 21:6 irratti immoo Waaqayyo

akka _____ fi _____tti maqaa dha'ameera.

2. Nami yeroodhaan waan daandgeffamuuf waan hundumaaf jalqaba qaba. Siif waan jalqba kee ta'an waan tokko tokko yaadi.Tarii mucaa taatee yeroo dhalate in yaadatta ta'a. Yookin guyyaa mana barumsa yeroo jalqabaaf galte, yookin jalqaba yaada waa uumuu/hojjechuu keetii ta'uu danda'a. Waaqayyo jalqaba kee dura ture. Yeroo hundumaas tureera.

Gaaffii hojiirra oolchuu

1. Waaqayyoo kan bara baraa Olfaa fi Omeegaa jalqabaa fi dhumaa ta'uu isaa yammuu yaaddu yaadi siin no korre(Challenged) isa kami?

---

2. Waaqayyo kan bara baraa ta'uu isaa yammuu yaaddu waanti sitti tole maali?

Kadhata

Yaa Gooftaa uumaa uumamaa waan taateeff har'a Sin galateeffa dha. Sami fi lafa jalaqabatti uumuu jaallatte. Waantoonni ati uumte gaarii turan. Sin galateeffa dha.

Boqonnaa Afur

Hojii manaa

Seera Umamaa 2:1 Umamuun uumamaa egaa in raawataman jedha. Achirraa lakkoofs 3 fi 4 dubbifna. Luqqisiiwwan kana barreessi.

Gilgaala

Waanta Guyyaa torbaffaatti ta'e yaada ofii keetiin barreessi.

Barumsa

Karaan Waaqayyoo guyyaa tobaffaa eebbisuuf fayyadame hojiirraa boqochuudhaan. Guyyicha in qulqulleesse. Akeeka addaaf guyyoota hundaa keessaa filee adda baase, akeeki isaa boqonnaaf ture.

Hiika: Qulqulleessuu jechuun maal jechuu dha?

Guyyaa Sanbataa Guyyaa Waaqeffannaa fi boqonnaa ti. Yihudotaaf Sanbati duraan guyyaa Sanbata isaani ti. Haa ta'u malee Kiristaannoonni bara durii du'aa ka'uu Iyyesuus ittiin yaadachuuf , guyyaa Yesuus du'aa ka'e guyyaa Sanbata Guddaa filatan. As irratti waanti guddaa barbaachisaan turban keessaa guyyaa isa kam jechuu utuu hin ta'in tokkoon tokkoo tabaniitiif ijoon isaa guyyaa Sanbatatt aa, guyyaa boqonnaa ta'uu isaa ti.

Waaqayyo uumama umeef sirna (toora) kenneera. Guyyaa boqonnaa in barbaadda? Waaqayyo in dadhabaa? In dullooma jechuu dhaa? Miti. Waaqayyoo boqonnaa fi gammachuu uumama isaa wajjin dabarsuu waan barbaadeef. Um 1:31 Waaqayyo waan hojjete hundumaa in ilaale; kunoo innis baayyee gaarii ture… in jedha. Waaqayyoo gara umama uumee; mukoota, horii fi gara Addaamii fi Hewwan ajabsiifachuun ilaale "isiniin hojjechuu kootiin hojii gaarii akkasiin hojjedhe!" jedhe.

Guyyoota ja'aaf namoonni hojii hojjechuuf bilisummaa qabu. Garuu guyyaa ja'affaatti hojiirraa akka boqotaniif Sanbati isaanii kennameera. Umama isaa wajjin tokkummaa godhannee guyyaa itti gammanuu dha. Kun guyyaa nu'I tokkummaa Waaqayyoo wajjin qabnutti ilaalcha kennuudhaan Waaqayyoon akka ittiin Waaqeffannuuf guyyaa addatti nuuf kennamee dha. Isa akka Waaqeffannuuf guyyaan akka nu barbaachisu Waaqayyo in beeka.

Kunis walitti dhi'eenyi umaa fi umama gidduu haalla sirrii ta'een akka eegamuufii dha. Akkasumas guyyaa ja'an hafanitti sirriitti hojii keenya hojjechuu fi foon keenyaa fi sammuu keenyaaf boqonnaan waan barbaachisuuf guyyaa Sanbataatti immoo boqochuu fi Waaqayyoon waaqeffachuuf Sanbata guyaa boqonnaa fi guyyaa waaqeffannuu godhee obbome. Maatii keenyaaf, hiriyoota keenyaa fi hawaasaa keenyaafis yeroon akka nu barbaachisu waan beekuuf kana godhe. Gara xumuraatti isaarraa, hojii isaarraa fi umama wajjin waliitti dhufeenya nuuf kennetti akka gammannuu barbaada.

Gilgaala Sagaleen Waaqayyoo waa'ee guyyaa Sanbataa in dubbata. Mee waan inni jedhe luqqisiiwwan kanatti aananii jiran keessatti ilaalla.

---

a. Seera ba'uu 16:23

b. Seera Keessa deebii 5:12-15

c. Isaayaas 58: 13-14

Xinxaluu

1. Fedha waaqeffannaa fi boqonnaa keenyaaf akka dammaqnuuf , Guyyaan Sanbataa jireenya kee keessatti maal fakkaata?

_____

2. Walitti dhufeenya kee itti yaadaa, guyyaa Sanbataa qulqulleessuudhaaf, jijjiiramoota ati gochuu barbaaddu tokko yookin lama adda baasi?

a. Walitti dhufeenyaan Waaqayyoo wajjin qabu yeroon yaadu jijjiirama armaa gadiin gochuu barbaada?

---

b. Qaamiin koo fi qalbiin koo uumama harkaa isaatii ta'uu isaanii yeroon yaadu jijjiirama armaa gadiin gochuu barbaada;

_____

c. Walitti dhufeenyaan haawaa koo wajjin qabu yeroon yaadu , keessumattii maatii koo, hiryoota koo fi uumamaa wajjin jijjiirama armaa gadiin gochuu barbaada

_____

Kadhata

Yaa Waaqayyo! Ati uumaa koo ti. Boqonnaa naaf laatteef Sin galateeffa dha. Guyyaa hundumaa boqonnaa malee,tarbanitti guyyaa torba guyyaatti sa'a 24 utuun hojjedhuun of arga. Siin akkan waaqeffadhuuf, ofii koo fi warra kaanii wajjin walitti dhufeenyaan qabuuf akkan eeggadhuuf Sagaleen kee guyyaa boqonnaa koo na Yaadannoo.Kennaa jaalalaa isa ta'e tokkummaa kana akka fudhadhu na gargaari. Garaa koo guutuu akkan fudhadhu na jabeessi. Boqonnaa koo si keessatti haa argadhu.

Boqonnaa 5

Barumsa

Seera umamaa 1:26 irratti Waaqayyo akkas jedhe" Kottaa akka bifa keenyaatti, akka fakkeenya keenyaattis nama in umnaa!" Macaafi Ququlluun seenaa umama Addaamii fi Hewwaan bal'inaan nutti hima. Boqonnaan 1ffaa fi 2ffaan yaada addaa nuuf kennu. Sababi isaa ibsoonni kun kan barreeffaman akkaataa addaa addaa fi kaayyoo addaa addaan. Akkaataa uumama dhiiraa fi dubartii ragaalee muraasa galmeessuudhaan haa eegallu.

Gilgaala

1. Kutaalee kana irraa akkaataa uumama ilmaan namaa maal argatte? Akkaataa uumama dhiiraa fi dubartii ilaalchisee dhugaa mul'ifamee adda baasuu yaali.

Seera umamaa 1; jechi" nam"a jedhu kan agarsiisu _____fi _____ dha.

a. Lakkoofsa 26-

_____

b. Lakkoofsa 27-

_____

c. Lakkoofsa 28-

d. Lakkoofsa 29-

Seera Umamaa 2 irraa ammas boqonnaa kana irraa akkaataa umama dhiiraa fi dubartii ilaalchisee dhugaa ibsame addaa baasuu yaali. Maqaan isa dhiiraa eenyu? _____ (Uma 3:20) Maqaan ishee dubartii eenyu?_____(Uma 3:20)

a. Lakkoofsa 5-

_____

b. Lakkoofsa 7-

_____

c. Lakkoofsa 18-

_____

d. Lakkoofsa 20

_____

e. Lakkoofsa 21-

_____

f. Lakkoofsa 22-

_____

g. Lakkoofsa 23-

_____

Barumsa

Seeraa umamaa 1:27 irratti Dhiiraa fi dubartiin lachanu bifa Waaqayyoon uumaman jedha. Akkaa umama Waaqayyootti kun nu keessatti eenyummaa Waaqayyoo agarsiisa. Waaqayyoo umama isaatiif fakkeenya isaa akka calqisiifnu itti gaafatama nutti kenneera. Daawwattiin fakkeenya keenya calaqisiisa. Akeeki Waaqayyoo ilmaan namootaa bayya lafaatiif akka fakkeenya isaa ta'aniif ture. Ilmi nama fakkaattii isaa waan hirmaateef jireenya hawaasummaa yeroo uumnu, filannoo yeroo godhannu yeroo jaalannu, yeroo waaqeffannu, fi isa wajjin tokkummaa qabaannu fakkaattii isaa sana calqisiifna. Waaqayyo hiikaa fi akeeka jireenya isaaniitiin ilmaan namoot Isa akka mul'isan iif itti gaafatama itti kenneera,

Gaaffii

Waaqayyoo Seera umamaa 1:28 irratti ilmaan namootaaf eebbi inni kenneef maal ture?

1. _____,_____

2. Biyya lafaas_____

3. Qurxummii galaanaa irratti, simbirroota qilleensa keessa balali'an irratti, uumama lafarra munyuqan hundumaa irrattis_____

Gaaffii xiinxaluu

1. Jireenya keetiif hiikaa fi akeeka kan kenne eenyu?

   _____

2. Seera umamaa 1:27-28 hojiirra oolchiteettaa? Waaqayyo jireenyakoo keessaa ka'eera kan jettu waanti gatii qabu maal?

   _____

3. Waaqayyoo wajjin hojjetaa ta'uu kee kan hubatte?

   _____

4. Biyya lafaa jiraattu keessatti Isa akka calqisiiftuuf Waaqayyoon waamamuu keetii fi eebbifamuu kee beekuunkee jireenya kee keessatti jijjiirama maali fida?

Gadi faggeenyaan qu'achuu

Waaqayyo nama uumeef(fakkeenya isaa akka calaqsiisuuf kam waamee fi kan eebbise) hojiin itti dhi'eenyaan umama kununsuu luqqisiwwan kanatti aanan irraa ilaali.

- Macaafa Farfannaa 139 dubbisuuf yeroo fudhadhu, Lakkoofsa 13-16 yaada jiru irratti xiyyeeffannaa addaa godhi. Nami utuu hin uumamin iyyuu waa'ee walitti dhufeenya Waaqayyo namaa wajjin qabu lakkobsawwan kun ilaalchi isaan kennan maali?

- Gatii nu'i waaqayyoof qabnu Far. 8:3-9 maal nutty hima?

- Waan hundumtu kan keenya yeroo jennu 1Sen. 29:14 hubannaa maalii arganna?

Kadhata

Yaa Waaqayyo! Na uumuu qophaa utuu hin ta'in jireenya koo akeeka fi hiikaa akka qabaatuuf eebbifteetta. Si waajin akka hojjedhuuf na waamteetta. Itti gaafatama siin umama keetti calaqisisuu naaf laatteetta. Humni keen a keessatti hojiirra waan jiruuf sin galateeffa dha.

Boqonnaa 6

Barumsa

Seera Umamaa 2:24 gaa'ela wajjin wal nu beksisa. Jalqabumatti waan hunduma dura Waaqayyo gaa'ela dhaabuu jaalate. Dhiirri abbaa isaatii fi haadha isaa dhiisee haadha manaa isaa wajjin tokko kan ta'u sababa gaa'elan.

Kutaa kana keessatti gaa'elli nu dubbifnu abbaan manaa fi hati manaa , lachannuu foon tokko ta'uu isaaniitti. Sirni gaa'eelaa battalatti namootaa saal-faallaa lama tokko hin godhu. Gaa'elli sirna lachannuu tokko gochuu ti. Kunis adeemsa bara jireenya isaanii hunduma itti fufu dha. Fooniin tokko ta'uun isaanii kan eegalu saal quunamtiidhaan. Lakkoofsa 25 irratti abbaan manaa fi haati manaa qullaa isaanii akka turanii fi kan wal hin salfanne akka ta'an dubbata. Waaqayyo dubartitti hojjetee hadha manaa akka taatuuf gara Addaam yeroo fide, qullaa ta'uu isaaniitiin, lachannuun isaanii tokkummaadhaan akka itti gammadaniif ture.

Gilgaala

1. Wabiin Macaafa Qulqulluu biraan waa'ee gaa'elaa sagalee Gooftaa keenya Yesus Kristoos Mat 19:6 irra jiruu dha. Baasiitti barreessi.

---

2. Akka luqqisii kanaatti gaa'ela ilaalchisee fedhi Waaqayyoo maali?

Gadi faggeenyaan Qu'achuu

Macaafa Qulqulluu keessa kutaaleen dubbifaman baayyeen gaa'ela maqaa dha'anii fedhi Waaqayyoo dhiiraa fi dubartiin gaa'eelaan tokko akk ta'an akka ta'e barsiisu.Bal'inaan qu'achuu barbaadda yo ta'e egaluudhaaf wabilee muraasa ilaaluun nama gargaara. Tokkoo tokkoo Luqqisiif wabileen luqisii wal agarsiiftuu Macaafa Qulqulluu, gidduu gidduutti kennaman kutaalee Macaafa Qulqulluu biroo gara hubachuutti si geessu. Itti gaafatama abbaa manaa fi haadha manaa luqqisii kanaa gadii dubbisiitti barreessi.

- Efeson 5:21-33

  _____

- 1Qoe 13

  _____

- 1Phex 3:3-7

Guddunfituu

Barumsa kana keessatti Waaqayyoo umaa samii fi lafaata'uu isaatii fi kan bara baraa ta'uu isaa tasummayyuu kan hn uumamin ta'uu isaa akkasumas hundumaa dura akka ture ilaalleera.

Guyyaa umamaa akkasumas guyyaa hundumaarraa adda ba'ee kan qulqulleefame guyyaa boqonnaa, Sanbata ilaalleerra. Akkaataa umama namaa tokko tokkoon ilalleerra akkasumas akeeka isa biyya lafaatti mul'isuu Waaqayyo isaanii ibse argineerra. Waa'ee gaa'elaa fi jaalala Waaqayyo dhiiraa fi dubartiin gara tokkummaatti akka dhufaniif qabu arginneera.

Waaqayyo waan inni uume hundi gaarii ta'uu isaanii dubbate. Waan hundumtuu iddoo isaa ture. Waan hundumtuu kan karoorfameef ulfina waaqayyoof akka fiduuf dha.

Gilgaala

1. Seera Umamaa 2:8-9 akkas jedha; Waaqayyo Gooftaan … Eedenitti _____ tokko in dhaabe;… Mukeetiin lama iddoo dhaabaa sana walakaa turan. Mukeetiin kunis;
   a. _____
   b. _____
2. Lakkoofsa 15 irratti Waaqayyo iddoo dhaabaa Eeden namatti beeksise. Qajeelfami isaa maal ture?

   _____
3. Abboomiin Waaqayyoo namaaf kenne tokko maal ture? Lakkoofsa 16 fi 17 barreessi

   _____
4. Aboomamuu diduudhaan balaa dhufu Waaqayyo maal jedhe?

   _____

Xinxaluu

Jalqabatti Waaqayyoo hamaa fi gaarii kan nama beeksiftu muka iddoo dhaabaa Eeden keessa ka'uun isaa gaarii in fakkaatu. Akkuma jedhame mukattiin kun iddoo dhaaba Eeden keessa ka'amuun Addaamii fi Hewwaaniin qoruuf fakkaata. Haata'u malee Waaqayyo nama fedha guutuun waan uumeef, ga'umsa guutuu ittiin Waaqayyoof abboomamuu yookiin abboomamuu didan qabu. Abboomamuu isaaniitiin jaalala Waaqayyoof qaban ibsu. Mukeetiin iddoo dhabaa Eeden gidduu jiru. Mukti ija isaa nyaatanii jireenya namaaf kennunaannoo isaanii jiru. Waaqayyoo sagaleen isaa inni gaarii fi jaalalaa walakkeessa jireenya keenyaa akka jiraatu barbaada.Sagaleen isaa walakkeessa jireenya keetii jiraachuu jechuun maal jechuu dha.

Waaqayyo akka isaan isa jaalataniif isaan in ajajine. Jaalalli dhimmaa filannoo ti. Kanaatiif mukattiin ija filannoo Waaqayyoon injaalatuu fi in jaallatanii isaaniikan qabdu turte.Waaqayyo kan inni uume keessaa akka itti gammadaniif , akka nyaataniif, arjummaa isaatiin kan kenneef, mukattii tokkitiin kun dhowwamuun waan nama gammachiisi miti?

Yaada kana irratti qabdanii fi yaadollee biro yo qabaattan barreessa.

Hojiirra oolchuu

1. Seera Umamaa boqonnaa 1 fi 2 seenaa umamaa dubbifteetta. Yaadota kamiidha kan yaadakee siif bal'isan?

   _____

2. Umamaaf eegumsa addaa gochuudhaaf tarkaanfii attamii fudhatte?

---

3. Umaa Samii fi Lafaa isa ta'e Waaqayyoon kabajuuf iddoo dhaabaaf kununisi attamii ta'uu qaba?

   _____

4. "guddaa dinqisiisaa" taatee waan umamuunkee yaadda addaa attamii keessa keetti uuma? Far 139:14

   _____

5. Yaada keetii fi hojii keetiin sagalee Waaqayyoo irratti yeroo xiyyeefattu, Waaqayyoon biyya lafaatti argisiisuu kan dandeessu karaa kami dha?

   _____

Kadhata

Naannoo jireenya keetii kan jiran, Jireenya keetiin Waaqayyoon kan itti agarsiiftu namootaaf kadhata kadhatu barreessi?

_____

Barumsa lama

Maaltu bade?

Seera Umamaa 3 Kufaatii ilmaan namaa

Itti Lixa

Boficha

Nokortii

Tarkaanfii aboomamuu diduu

Ibsituuwwan: qulqulina, Ayyaana, furuu

Fedha cubbuu

Gatii cubbuu

Lolichi in eegale

Abdii waaqayyoo

Adaba cubbuu

Eegumsa Waaqayyoo dhiiraa fi dhalaaf

Yaada gudunfaa

Itti Lixa

Seerri umamaa seenaa addaa qaba. Seenaan kun Seera Umama boqonnaa sadii keessatti nutti himameera. Waaqayyoo ija mukeetii iddoo dhaabaa jiran hundumaarraa akka nyaatan ture. Garuu ija muka isa iddoo dhaabaa sana walakaa ture isa yo nyaatan haamaa fi gaarii

nama barsiisu hin nyaatina jedhe. Waanti biraan namichaa fi dubartiitti himame yo isatti nyaatan in duutu kan jedhu dha.

Gaaf tokko bofi in bineensa bakkee hundumaa keessaa haxxee ture, dubartittiitti qoramsa isaa isa muka isa gaarii fi hamaa nama barsisu akka nyaataniif gomjaasisuun itti dhufe. Isheenis gomjaasisaa ta'uu isaa argitee , ija isaarraa kutatte in nyaatte, abbaa manaa ishee isa ishee wajjin tureefis in laatte, innis in nyaate. Kana booda yeroo jalqabaaf duuti jireenya ilmaan namaa keessaa tokko ta'e. Cubbuun waan Waaqayyo hojjete hunda weerare. Tukkummaan Waaqayyoo fi nama gidduu ture in barbada'e. Tokkummaan dhiiraa fi dhalaa gidduu turu in faalame. Wanti Waaqayyo hojjete hundi sababa cubbuutiin in hojii ala ta'e. Kun hundi kan ta'e aboomamuu diduu dhiira sanaa fi dubartitiinii dha.

Haalli rakkisaan kun gaaffilee baayyee akka gaafannu nu godheera. Addaami fi Hewwaan akka isaan Waaqayyoof in aboomamne kan godhe maali? Sagalee Waaqayyoo dhiisanii akka isaangowwomsaa isa hamaa sanaa akka dhageefffatan kan godhe maali? Jaalala Waaqayyoo akka dhiisan kan godhe qormaatii gomjaasisaan kun maal ture? Sadarkaa jalqabaatti Waaqayyo mukatti sana maaliif uume? Akka isaan hin nyaanneef maaliif in dhowwu ture? Aboomamuu diduu isaaniitiif maaliif adaba guddaa du'aa kana irratti dabarse? Sababa cubbuu isaaniitiif balleessaan Waaqayyoo laata?

Dogogorri hamana ga'a namootaan yo umameyyuu Waaqayyo umama harka isaa jaalachuu addaan hin kutne. Seenaan seera umamaa keessatti eegale guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti itti fufe. Lubbuun ilmaana namootaa waranaan kan guutee dha. Waaqayyo waraansa kana kan mo'e jireenya sabi isaa hin jiraatin tokkicha ilmi isaa jiraateenii dha. Ilmichi seera raawwateera. Ilmichi dhiphina baayyee erga fudhatee booda warri isatti amanan jireenya bara baraa akka qabaataniif cubbuu isaaniitiif du'e. Jaalalli Waaqayyo abbaa mul'achuu kan in dandeenye human baayyee guddaa dha. Jaalala guddaa jabaa inni ilmaan namootaaf qabu kanatu Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin du'aa kan kaasise. Du'aa ka'uu ilma saatiitti abdii kan nuuf kenne. Haxxummaan hammeenyaa akkasumas karaan dogogorsaan isaa guutuu isa ta'e ilma Waaqayyootti in gitan. Kanaatiif hojiin Hafuura qulqulluu garaa abdii isaa amanatanii fi sammuu saanii keessatti, sichi firdiin itti faradamu akka in jirree fi jireenya bara baraa akka argatan mirkaneessuu kennuu dha.

Boqonnaa tokko

Itti Lixa

Waaqayyo guyyaa ja'affaatti dhiiraa fi dubartii ume. Wantonni uume hundi gaaruu ta'uu isaanii dubbate. Waanta uume hunda namooti akka itti fayyadamaniif qopheesse. Iji mukeetii hundi ija namaa kan hawwatanii fi nyaataaf ba'eessa kan ta'an turan.(Um 2:9). Waaqayyos kan itti dubbate hunda isaa akka nyaataniif ture. (Um 2:16.)

Haata'u malee Waaqayyo muka iji isaa hamaa fi gaarii nama barsiisu iddoo dhaabaa walakaa dhaabe. Mukichatti akka hin nyaannes dhiiraa fi dubartitti in abboome.(uma 2:17). Yoo aboommii kana didan akka du'an itti himeera. Dhugamatti kun sababii fakkaata. Iddoo dhaabaa kan jiran mukeetiin hundi akka nyaatanii fi akka itta gamaddaniif kan isaanii ture. Kan dhowwamte mukatti tokkitti qophaa dha. Kun ga'aa dha Waaqayyoo arjummaa isaatiin waan isaan barbaachisu kenneeraaf.

Hojii manaa Seera Umamaa boqonnaa sadii dubbisi! Lakkoofsa tokkoffaa irratti taateen argamu eenyu?

Gilgaala

- Waa'ee bofichaa hubannaa ga'aa akka argatuuf wabiilee armaa gadii ilaaliiti bufi kun jecha inni ittiin ibsame barreessi

wWabiilee	Jecha ibsaa
UUm 3:1	
LLuq 4:2	
YYoh 8:44	
2Qor 11:3	
EEfes 6:11	
1Phex 5:8	
MMul 12:9	

Yaadannoo:- Yoh 10:10 irratti garaa garummaa jiru hubadhu. Seexxanni akka_____ibsame. Inni _____, _____ fi _____. Karaa biraa Yesuus kan dhufe _____

Jechoota Yoh 10:10 yaadachuun salphaa dha.

Gaaffii hojiirra oolchuu Jechoota kana yeroo gababaadhaaf xinxalli. Waaqayyo jireenyakee irraa hafaa kan eebbise eessatti akka ta'e yaadi. Jireenya akeeka fi hiikaa qabu eessatti akka argite xinxalli.

Jireenyakee keessatti eebba isaa inni si godhe akka hubattuuf garaa keetii fi sammuu kee isa si bane gooftaakee galateeffadhu. Tokkummaa akeekaan guutame isaa wajjin akka qabaattuuf jireenya irraa hafaa isa siif kenne gooftaakee galateeffadhu. Jaalatamaa gooftaa Yesuus koo…….

Boqonnaa 2

Barumsa

Eenyummaa keenya Waaqayyo akka isaaf taanuuf yaade nu qopheesse qormaati wal'ansoo qabe, in rukkutes. Qormatoonni dogoggorsoo fi guffachiisoon kun murtoo nu'I jireenya keenya keessatti godhannuuf akka itti fayyadamnuu fi Waaqayyoof abboomamuu akka barannuuf nu gargaaru.kun immoo kan nu gammachiisuu dha. Sababi isaa "gowwomsaan" dhugaa Waaqayyoo kallattii biraadhaan akka ilaalluu fi dhugaa isa ta'e sagalee Waaqayyoo akka yaannuuf nu gargaara.Qoramsi biyya lafaa jirannu kana keessatti naannoo keenya jiru. Qoramuun ofii isaatti dogogora miti, ittiin kufuun garuu dogogora. Qoramsi hundi soba. Al tokko ittiin qabamne harkisaa isaanii keessatti kufnaan miirota yakkaa fi qaaniitu nu qaba. Yohannis 10:10 irraa akkuma dubbifanne adabni kun Yesuusiin kan arganne jireenya guutuu fi bilisa ta'e irraa gammachuu keenya nu jalaa hata.

Hojii manna: Seenaan isaa eegaleera. Ammas irra deebi'ii Seera Umamaa 3:1-7 dubbisi.

Gilgaala

1. Bofichii fi dubartittiin walitti dhufan. Bofi nokortii isaa itti gad dhiise. Bofichi jalqabatti jechi inni itti hime maali?

_____

2. Seera Umamaa 2:16 irra kan jiru sagaleen Waaqayyoo inni sirriin maal jedha?

_____

3. Lakkoofsa 2 irratti maal jettee deebifteef?

---

4. Seera Umamaa 2:17A irra kan jira sagaleen Waaqayyoo inni sirriin maal jedha?

---

5. Lakkoofsa 4 irraa akka ilaallu tooftuun isa qoru(bofaa) baayyee cimaa dha. Sobi bofichaa maal ture?

---

6. Seera Umamaa 2:17B irra inni jiru sagaleen Waaqayyoo inni sirriin maal jedha?

---

7. Bofi dhugaa sagalee sagalee Waaqayyoosobaan wal make. Lakkoofsa 5 irra kan jiran jechoonni bofichaa baayyee kan nama qoranii dha. Isaan kun jechoota isaan kami?

---

8. " …ijikeessan akka _____, _____ fi_____ _____ beekuudhaanis akka _____ tatu.

Xiinxaluu

Dubartittiin nokortiin isheen bofichaa wajjin qabaatte, gaaffii name hundumtu gaafachuu jaallatu kaasisa. Qajeelfa jireenya kootii godhee duukaa bu'uun kan naaf ta'u sagalee isa kan eenyuu ti? Eenyunan amana? Sagalee Waaqayyoo isa dhugaamoo saglee bofchaa isa sobaa? Jechoota doggogorsoo isa Waaqayyo jedhe balleessuu? Wal'aansoo inni guddaan jireenyi koo irratti hundooftee kan giddu galeessa godhachuu qabdu isa kami?

Gad fageenyaan qu'achuu

Lakkoofsawwan jalqabaa shaman Seera Umamaa boqonnaa sadii keessaa gaffileen ka'an dhugaa sagalee Waaqayyoo isa guddaa wal'aansoo kan qabanii dha. "Dhuguma Waaqayyoo…isiniin jedhee?" Sagaleen gaaffii shakkiin keessa guute sammuu kee si rukkuteera ta'a.Itti aansee gaaffiin dhufu nokortii balaa guddaa kan qabu "Dhuguma Waaqayyo waan jedhe jedhee? Gaaffiin kun Waaqayyoon sobsiisuuf kan yaallamee dha!

Sagaleen Waaqayyoo Dhugaa dha? Qophaa isaa dhugaa dha? Dhugaan si'a tokko tokko nami dhuunfaan sun in ta'a jedhee waan yaadee fi waan filate ta'uu danda'a. Waaqayyo sagalee isaatiin nutti in dubbata? Erga nutti dubbatee waan nuun jechuu barbaadee dha? Isa 45:18-19 karaa Raajicha Isaayaas waan Waaqayyo dubbate haa ilaallu.

1. Waaqayyo ofii issan eenyu jedha? (Lak 18)

---

2. Waa'ee Sagalee isa dubbatee inni ofii maal jedha?

Hojiirra oolchuu

Waan tokko tokko yeroo gaafatamitu ofii keetii in argatta ta'a. Fakkeenyaaf akkas jettee gaaffatta ta'a. Waaqayyo tokko qophaatu jiraa? Dhugumma Waaqayyo isa Samii fi Lafaa umee dha? Waaqayyo kan biraan hin jiru?Akkuma Isa 45 irratti dubbatetti erga dubbate kun har'a falmii gargaaraa aadaa keenyaan dhi'atanii fi waa'ee walitti bu'iinsa amantii maal dubbata? Baayyeen dhugaa mataa isaanii yeroo dubbatan an dhugaa eenyu amanee

fudhadhu? Gara Sammuu keenyaa kan dhufan gaaffilee kana hundumaaf dhugaa isa ta'e attamitti beekna?Yeroo tokko tokko waantoonni Waaqayyo dubbatu dhugaa ta'uu isaa kan mirkaneessu Waantoonni Waaqayyo dubbatu hundi baayyee gaarii dha.

Fakkeenyaaf:

1. Raajii Ermiyaas 31:3 akkas jedha "an_____si jaalladheera. Kanaafan_____"

Yeroon warra kaan jaalladhe nan yaada. Waaqayyo Jaalala barbaraatiin sin jaalladha naan jedhee.

2. Raajii Ermiyaas 31:34 akkas jedha " Ani yakka isaanii_____

Waaqayyo dhiifama cubbuu qophaa naaf godhe miti, cubbuukoos hundumaa naaf dhiiseera. Kana booddee narratti hin lakka'u.

3. Romee 8:38-39 irrattis immoo akkas naan jedheera. Ammas immoo " duunni, jireenyi_____.

Jaalala Waaqayyootti eenyu adda nah in baasu.Jireenyakoo keessatti waantooni waan biraatti adda na baasan Waaqayyotti adda nah in baasan dhugaa ta'uu danda'a? Fakkeenyaaf du'I, gaa'elatti hiikamuu, hojii dhabuu, jireenyaan milka'uu dadhabuu, hiyyuma, walii galteed dadhabuu fi waantoota biraa lolaa fi falmiiwwan garaa garaa.

Xinxaluu

Iddoo dhaabaa sanatti gaaffiin boofaan dhi'aatan sun baroota hundumaatti ittii aansee anaan in gaafatamu.

1. Raajii Ermiyaas 31:34 irratti hundaa'iiti gaaffilee lamaan kana barreessi.

a. Dhuguma Waaqayyo jedheeraa?

_____

b. Dhuguma akkas jechuu isaati?

2. Romee 8:38-39 irratti hunda'iitti gaaffilee lamaan kana barreessi.

a. Dhuguma Waaqayyo jedheera?

---

b. Dhuguma akkas jechuu isaati?

Kadhata

Yaa Gooftaa Dhugaa beekuudhaaf walaansoon qaba. Kan ati natti dubbatte beekuuf baruu nan barbaada. Beekuudhaaf hubachuudhaaf dhugaa sagalee keetii fudhachuu akkan danda'u na godhi.

Dhugaa kee akkan amanuu fi akkan dubbadhu garaa koo naaf bani. Dhugaa ta'uu isaa akkan lallabuuf na gargaarri.(Isa 45:19)

Boqonnaa 3

Barumsa

Gara Seera umamaa boqonnaa sadiitti yeroo deebinu gaaffii tokkotu nu hafa. Waaqayyo mukattii sana, hamaa fi gaarii kan ittiin beekan maaliif uume? Maaliif akka ishee hin nyaanne abboome? Kana irratti yo aboomamuu didan firdiin isaa du'a. Kun firdii jabaa dha. Waaqayyo an Waaqa jaalalaatti utuu jedhuu abboommii adaba dhiphisaa kana qabu kennuun isaa namatti hin tolu.

Waantota lama haa yaadnu. Jalqaba beekuun kan nuuf ta'u Waaqayyo Waaqayyo uumaa ta'ee ta'ee utuu jiruu umama isaa itti dhi'eenyaan hordofa. Akka walitti dhufeenya abbaa fi ilma gidduu jiruu. Waaqayyo gooftaan akka warraatti ilma isaa(nama) hojii uumuu isaa keessatti akka hirmaatu karoorseera. Akkasumas warri(Waaqayyo) jireenya ilmasaa (nama) keessatti tokkummaan fufinsa qabu akka ta'u yaadee ilmaa isaa kunuunsuuf karoorseera. Waaqayyo umama isaatiif kununsaa fi eegumsa guutuu in godha. Kan isaan immoo takkuma isaan in dhiisu. (Isa 49:15-16)

Waaqayyo kan yaade amala jalala isaa dhugaa hubachuun barbaachisaa dha. Jaalalli filannoodhaa fi tarkaanfii fedhaa ti. Jalqaba irratti jaalalli miira(dhageetti) miti. Nami tokko jaallachuuf in filata. Eenyu iyyuu nama tokko akka ati jaallattu yookiin jibbittu si gochuu in danda'u.Abboomamuun ibsa jaallachuuf filachuu keenyaa ti. Warri mucaa isaa in jaallata. Mucaan aboomamuu filachuudhaan jaalala sanaaf deebii kenna. Daangaan warri mana keessatti hojjetan miseensi maatii sanaa haala tokkoo tokkoon maatii ittiin wal jaallatu uuma. Mucaan, abbaan manaa fi haati manaa daangawwan kana fudhachuu fi ulfeessuun carraa wal jaallachuu kennaaf.

Waantiin yaadachuun nuuf ta'u Waaqayyo uumaa, dhiiraa fi dubartiin immoo umama ta'uu isaanii ti. Dhiraa fi dubartittiin hubachuu fi jiraachuun kan isaaniif ta'u tokkummaa umaa fi umamaa keessa ti. Mukattiin kan dhabatteef abboomamuu diduu isaanii beekuuf utuu hin taane, Waaqayyo isa kana dursee beek hoo, Waaqayyoon akka waaqummaa isaatti akka waaqessaniif carraa kennuufiif jedhee ti. Haalli uumameef kun iddoo isa biraa qabanii fi jaalala irraa kan madde gooftummaa inni isaanirraa qabuuf akka bitaman akka agarsiisanifii dha

Seera Umamaa 3:5 irratti bofichaaf deebii kan ta'u "Eenyyu Waaqayyoon kan ta'u? kan jedhu dha. Mucaan tokko hamma sadarkaa ga'eessummaa ga'utti gaaffiin mucichaa" Eenyuu warra kan ta'u?" kan jedhu yeroo ta'u, Waaqayyoo umamni isaa isaa wajjin tokkummaa qaban beekanii nageenya isaa keessa akka boqotan barbaada. Inni Waaqayyo saaniitii fi uumaa isaanii ti. Kanaatiif isaan uumama saa ti.Jaalala isaa akka beekan qophaa barbaada. Waan hojjeteen gaarummaa isaa mul'iseera.Tokkummaa jaalalaa isaa fi walii isaanii wajjin qabanitti akka gammadan barbaada. Isa hamaa beekanii kan itti dhufu ba'aa itti gaafatama irraa kaasuu fi dhibbaa fi humna hamarraa isaan eeguu barbaadee ti. Jaallalli inni umama hundaaf qabu adduman immoo tokkummaan jaallalli inni ilmaan namaaf qabu kan gatii isa baasisu ture. Jaalala isaanii sagalee isaa amanuu fi aboomamuu irratti akka hundeeffatan carraa kenneeraaf. Bu'aan isaas jireenyi isaanii Waaqayyoo fi sagalee isaa irratti kan hunda'e ta'a.

Kana samuutti qabachuudhaan hiikaa tokko tokko sagalee hubachuudhaan Seera umamaa 3:6 barreessi.

Xiinxaluu

1. Yaada kan hubachuudhaaf yeroo gababaa fudhadhu.Waa'ee waan raawwatamanii yaada maalii qabda? Gaarummaa fi o'a Waaqayyoo qophaa beekuun maal sitti fakkaata? Um 3:7 akkas jedha;

"Yammus lamaanuu _____, _____ qullaa ta'uu isaanis in beekan…"

Sobaa fi haxxumuuf iddoo kennuun balaan isaa maali irratti?

_____

2. Iji mukichaa akka hin nyaanneef dhorkame nyaachuun Hewwaniif hammam sulphate? Siif hojjechuuf kan sulphate hojiin abboomamuu diduu yookin cubbuu maal fa'i? Maal fa'iin of sobde?

Hojiirra oolchuu

Waan barte kana itti yaaduun gara amantii keetti si geessa ta'a

1. Yeroo qoramte, yeroo irra daddarbite, fi yeroo abboomamuu didde itti yaadi. Haalli isaa maal ture?

_____

2. Jechaa fi gochaa namoota biraatiin jaalala Waaqayyoo fi dhiifama kan itti shaakalte yaadadhu. Eenyu Jechoota yookin gochaa kami jaalala fi dhiifama Waaqayyoo garakee kan fidan?

Yaadannoo Cubbuun akka lollaatti jireenya hundumaa; kan koos kan kees dhukkuba balleesse dha. Dhiifami kan Waaqayyo dhi'eessuu dha. Dhiifami cubbuu enyummaa keenya Waaqayyo irraa cubbuudhaan adda ba'ee fi cubbuudhaan mada'e kan fayyisuu dha. Dhiifami tokkummaagara jalqabaatti deebisee nagaa kan fiduu dha. Nama nu yakkeef dhiifama yeroo goonnu fayyinni tokkummaa keenya haaressu hojii eegala jechuu dha. Waaqayyu akkuma nuuf dhiise nus waliif dhiisuun dirqama keenya.

3. Jireenyakee keessatti jaalalaa fi dhiifama Waaqayyoo shaakalte namaff gochuuf carraa kan argatte yoomi?

_____

Kadhata

Yaa Waaqayyo uumaako! Aboomamuu diduukoo qalbiin diddiirra dha. Karaa baayyeen yaaduuf, dubbachuuf fi raawwachuuf waanan filladheen sirratti hammenya geggeesera. Ilmaa Gooftaakoo fi fayyisaakooYesuus Kiristoosiin akka ati naaf dhiiftun si kadhadha.

Boqonnaa 4

Barumsa

Seera Umamaa 3:6 keessatti waan ta'e irra deebinee haa ilaallu.Addaamii fi Hewwan cubbutti kufanii iji isaanii banaman. Quba keenya isanitti qabnee dubbachuun salphaa dha. Isaaniin hammeessuudhaan ofii keenya ittigaafatamarraa faggeessinee ilaaluun baayyee salphaa dha. Seenaa isaa mee itti dhiyaannee haa ilaallu.

Seera Umamaa boqonnaa sadii keessatti iji mukaa dhiyaate ija jireenya dhuunfaa keenyaa keessa jiru wajjin wal fakkaata. Ijicha ibsuudhaaf Uma 3:6 irratti jechoonni itti fayadaman maal fa'i?

- Iji mukichaa _____ta'uu isaa
- Iji Mukichaa _____kan tolu
- Iji mukichaa _____ ta'uu isaa

…..Iji mukichaa nyaataaf gaarii ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta'uu isaa argite…

Fedhiin jalqabaa hawwiin keenya jireenya keenya irratti Waaqa tolfamaa ta'uudhaaf jereenya keenya geggeessuu dha. Kunis kan caalu hawwuu isaatiin mul'ata. Nu ga'a jechuu hin dandeenyu. Fedhiin caalaa barbaaduu keenyaa dhabachuu hin danda'u. Yeroo qarshii muraasa qabaannu, ammallee caalaa barbaanna. Yeroo qarshii caalaa argannu ammas

qarshii caalaa barbaanna. Yeroo beekamtii xinnoo qabaannu ammayyuu dabalata barbaanna. Yeroo beekamti baayyee qabaannu ammayyuu itti daballee guddaa barbaanna. Yammuu dhipphinaa fi jereenta fedha guutachuu dhabuutiin jiraannu, jireenyi keenya galateeffachuu fi jajachuu dadhaba. Qoramisichi jireenyi keenya hawwii keenya giddu galeessa godhachuu isaa ti; kan akka caalaa argachuu fi qabaachuu, caalaa, caalaa, caalaa!

Xiinxaluu

Mee ta'iiti yaadi. Yeroo itti hawwiin kee humnaan harka isaa jala si galfate, maal akka goote…

1. Haalli isaa maal ture?

   _____

2. Shaakala hawwiin kee caalaa barbaaduu ti?

   _____

3. Dhumi isaa maal ta'e?

   _____

Hawwiin lammaffaan nutti tolluu dha. Yoo inni fedhakoo guute an nan barbaada. Yoo inni gaarii ta'ee natti tole, gaarii ta'e natti miya'e, ijatti na tole nan barbaada. Fedhiin namatti toluu dangaa hin qabu. Waan namatti tolu fedha barbaadummaa isaa nama keessatti ol kaasa. Waan namatti tolu amala ta'ee achiin gara araadatti ce'a. Waan namatti tolu yaada sirriitti yaaduu, murtoo sirrii fudhachuu nama keessatti ajjeessee, oftummaatti nama galcha. Waan namatti tolu tokkummaa balleessa. Yo name waan namatti tolu giddu galeessa jireenya isaa godhate tokkummaan inni Waaqayyoo wajjin qabu maalta'a?

Hojiirra oolchuu

1. Hawwiin fedha dhuunfaa keetii guutachuu yeroon tokkummaa ati waantota biraa fi Waaqayyoo wajjin qabdu yeroo inni balaa irra buuse jira?

   _____

---

2. Haalotaaf yeroo deebii laattu ofii kee gaaffii kana gaafadhu? Lola itti aanuuf attamittan ofii koo qopheessa?

Fedhiin sadaffaan ogumma dha. Barummsi human. Baayyee hamma baranne waantota namoota irratti goonu to'anna. Ofii keenya gaarii gochuudhaan sodaachifna. Aboon waantota akka nu'i to'annu nu dandeessisa. Biyyi lafaa kan keenya an mo'achuuf ba'een jira. Wantota to'achuu erga dandeenyee akkasumas aboo yo qabaanne gargaarsi Waaqayyoo umaatti akka nu barbaachisu nutti hin dhaga'amu. Waan ga'eessa of goonne nuttu fakkaata. Gara ofitti amanuu fi gara oftuullumaatti nu geessa. Mee itti yaaddi, maal akka ta'u, yoo nami aboo argachuu giddu gala jiraachuu isaati godhate.

Itti yaadi, haalaa fedhiin, hawwiin humnaa fi to'achuu rakkoo itti uume.

1. Haalli jireenya ofii koo hawwiinni uume maali?

_____

2. Namoonni aboo,humna, beekumsa,waantota to'achuu akka isaan dheebotan godhu maali?

_____

3. Waabiin jireenya keenyaa human keenya yeroo ta'u maaltu umama?

_____

Isa 14:13-14 irratti Waaqayyo garaa namaa mul'iseera. Nami maal jedhe? Waan shan inni jedhe barreessi.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Of gurguddisuun itti galli dhumaa isaa kufaatii dha. Kun qormaata Hewwan filatee dha. Nyaachuuf dursitee ti. Abbaan manaa ishees ishee wajjin ture. Abbaa manaa isheetiifis in laatte. Innis ishee wajjin nyaate, yaada jedhu iraa kan hubannu yeroo bifichii fi dubartittiin waliin haasa'an abbaan manaa ishee wajjiniin ture, dhaga'eera jechuu dha.

Sammuutti qabachuu

Yeroo kadhannaa dhuunfaa keenyaa qophaa keenya yeroo taanu kan nu'I arginnu Waaqayyo keenya qophaa dha. Abbaa keenya is jaallanutti ofii Kenya utuu hin dhoksin ifa goonee itti himna. Romee 3:23-24 haa ilaallu. Adda baafnee ilaaluun kan nuuf ta'u lakkoofs 22 jecha jiruu dha; …garaagarummaan hin jiru. Kan jedhuu dha. Garaa garummaan in jiru hundumtu tokkuma erga jedhee booda itti fufiiti lakkoofsa 23 fi 24 barreesi

Garaa garummaan hin jiru _____

_____

lakkofsowwan lamaan kana akka sammuutti qabatuuf si jajjabeessina.Ergaa Macaafa qulqulluu garaa keenya keessa jiranii wajjin walitti haa qabnu. Kutaan kun waanti inni nu yaadachiisu waanti guddaan yo jiraate name hundumtuu cubbamaa ta'uu isaa fi ulfinni Waaqayyoo itti irrachii isaa ti. Nami jalqaba yeroo umame akka bifa waaqayyoo akka uumame hubachuun nuuf ta'a. Uma 3:27 Ulfina jalqaba itti umamnetti sababa cubbuutiin kufneerra. Haa ta'u malee iddoo kanatti akka dubbii Waaqayyootti waanti yaadachiifamnu ayyaana Yesuus Kiristoos irraa arganneen qajeelota taaneerra.

Hiikaa jechootaa

1. Qajeelummaa: Waaqayyo cubbuukoo natti hin lakka'u, abboomamuu diduu kootiin dheekkamsa natti dhufu hundaa jalaa ba'eera, jechaa dha. Faallaan qajeellaa ta'uu namatti faradamuu dha. Waaqayyo garuu firdiin sitti faradamu hin jiru jedheera. Tokkummaan isaa wajjin qabuu haareffamuu isaa natti himeera. Yesuus Kiristoos kan inni biyya lafaa dhufeef, fannifameef, du'eef, achiis du'aa ka'eef anaaf jedhaa ti. Inni Waaqayyo abbaa wajjin walitti na araarseera.
2. Ayyaana: Waaqayyo sababa cubbuu kootiif kan naaf hin taane jaalala isaa akkasumatti tola isaatiin naaf kenneera jechuu dha. An cubbuu kootiin Waaqayyoon baayyee gaddisiseera. Sababa cubbuu kootiif kan naaf ta'u firdii barbaraa ti. Seera

Umamaa 2:17 fi Rome 6:23 sagaleen isaa irra deddeebi'ee kan dubbatu, gatiin cubbuu du'a akka ta'ee dha. Garuu Waaqayy akkasumatti jaalala isaatiin gaarummaa koorraa utuu hin ta'in arjummaa fi ayyaana isaatiin du'aa barbaraa fi firdii bara baraattii bilisa na base.

3. Furamuu: nu warra sababa cubbuu keenyaaf isarraa adda bane Waaqayyo gatiidhaan nu bituu barbaade. Kunis furuu jedhama.Sababa cubbuutiif qajeelummaa jedhamu hin qabun ture. Tokkummaan Waaqayyoo wajjin qabus bade ture. An cubbuudhaaf, seexanaaf fi du'aaf garbicha ta'een ture. Garbummaa kanatti akkan birmadduu ba'uuf gatiin natti ba'e jireenya Kiristoos Yesuusi dha. Inni naaf du'ee garbummaatti burmadduu na baase. Furamuu jechuun Waaqayyo gatii naafi baasee garbummaarraa, du'arraa fi firdii bara baraa irraa birmadduu na baase jechuu dha. Kun hunduutumoo kan natti dhufeef sababa cubboo kootiif ture. Gatiin gati jabeessi ba'e dhiphina, du'a, awwaalamuu fi du'aa ka'uu isa qqulqulluu ta'e Kiristoos Yesuusiin dha.

Yaadachiisa.

Jechoonni nu'I armaa olitti ilalle hunda irra deddeebinee qu'annaa keenya keessatti itti fayyadamna. Kanaatiif amma kaafnee jechawwan kana sirriitti beekuutu nuuf ta'a.Fakkeenyaaf jechoota kana kutaa jalqaba keessatti qu'anne Rome 3:23 fi 24 dubbisaa jechoota kana haa xinxallu. Qu'annaa kana akka ta'utti xumuruuf yaadannoo qabachuu nu barbaasa. Baruulee yaaddannoo keessanii irratti dursaati jechoota kana galmeessa.

Kadhata

Kutaa jalqaba dubbifne irra deebi'ii dubbisiiti kadhata kana waliin haa kadhannu. Yaa Waaqayyoo cubbamaa ta'uukoo fi sababa cubbuu kootiif immoo firdii bara baraa malee waan biraan akka naaf hin taane beeka. Waan qajeellummaa naa lakkoofteef maqaa Kiristoos Yesuusiin sin galateeffa dha. Dhiiga keetiin na bittee gatiin na bitattee waan na furtee fi irra deebitee mucaa kee waan na godhatteef sin galateeffa dha. Cubbuu koo waan na dhiifteef, waan natti hin lakkoofneef qajeelaa dha jettee waan na simmatteef sin galateeffa dha. Yaa Abbaa waa'ee ilmakee Kiristoos Yesuusiif

galanni siif haa ta'u. Inni waan nu fureef cubbuu keenya haa hafu jedhee birmaddummaatti akka jiraannuuf bilisa waan nu baaseef galanni siif haa ta'u.

Boqonnaa 5

Hojii manaa Seera Umamaa 3:7-13 dubbisi

Itti lixa

Cubbuun biyya lafaatti gale.kanarraa kan ka'e Uma 3:7 waan nu ibsu tarreessi.Akkas jedhee eegala. Lamaannuu

- Iji issanii_____
- _____isaanii in beekan
- Kana irratti_____
- _____hojjetatan

Aboomamuu diduun gatii nama baasisa. Konkollaachisaan tokko seera Tiraafikaa irra yoo darbe waraqaa adabaa fudhatee dhaqee qarshii waraqaticha irrattia adabame kaffalla. Mucaan beekaa maatii isaatii fi barsiisaa isaatiif aboomamuu yo dide aboomamuu diduu isaatiif in adabama. Addaamii fi hewwan muka iji isaa hamaa fi gaarii nama beeksisu sanatti abboomamuu diduudhaan yeroo nyaatan aboomamuu diduun isaanii gatii isaan baasise. Jaalala Waaqayyoo ta'uu yo baate iyyuu sabab cubbuu isaaniitiif waan ofitti fidaniif gatii isaan baasise.

Kanatti aansinee aboomamuu diduun isaanii gatii inni isaan baasise haa ilaallu. Seera Umamaa 3:7-13 dubbisi.

Gatii cubbuu tokko

Gatiin cubbuu battalatti qaanii dha. Iji isaanii lamaan in baname.

_____ in beekan.(Uma 3:7)

Gaarii dursanii iyyuu in beeku turan , amma garuu hamaas in baran. Kanaatiif of dhoksan.Waan isaan dursanii hojjetan baala harbuu walitti hulluqsanii_____ _____. Qaaniin isaanii inni tokko isa tokko jalaa akka dhokatu godhe.

Kanaatiif gidduu isaaniitti waan dhoqsu hojjetan. Walitti dhi'eenyi duraan ture in bade. Kana booda waanti gidduu isaaniitti ta'u qopha qophaa itti ba'uu jalqaban.

Gatii cubbuu lama

Seera Umamaa 3-10 irra kan jiru dubbisaa. Lammaffaa irratti kan dhufe gatiin cubbuu ceephoo yaadaatti. Lakkofsi 8 akkas jedha "Yeroo qilleensi qabbanaa'aan qilleensa'utti …isaan_____duraa_____iddoo dhaabaa sana_____ in dhokatan." Wanta Waaqayyo isaaniif uumeen, ofii isaanii Waaqayyo isa isaan umee fi akka hiriyyaatti isaan jaalattu duraa, of dhoksan. Dura Waaqayyoon hin sodaatan ture, amma garu of dhoksan.

- Waaqayyo goftaan garuu namicha waamee_____
- Namichis _____.

Yeroo umaman qulla'aa ta'uu isaa hin beekan ture. Qullaa ta'uun isaanii tokkummaa Waaqayyoo fi isaan gidduu fi walii walii isaanii gidduutti waan tokko iyyuu akka in hin umne kan argisiisuu dha. Waaqayyoo isaa wajjinis ta'e walii walii isaanii gidduutti akkasitti akka jiraatan barbaada ture. Waaqayyo Addaamiin eenyutu sitti hie qullaa ta'uukee ittiin jedhe. Ceephoon yaada isaanii cubbuu isaanii bakkeetti baase. Yaadi isaanii waan isaan ceepha'uuf qullaa ta'uu isaanii hubatan. Yeroo qajeellummaa in xumurame.

Gaaffii hojiirra oolchuu

1. Balleessadhaa fi cubbuu baroota keenya darban hojjenne himachuuf in sodaannaa.

_____

2. Har'aa hoo waanti nu'I Waaqayyoo fi namatti of dhoksuuf hojjetanne maaltu jira?

_____

3. Dhugaatti nu'I eenyu akka taannee fi cubbuu nu'I hojjenne akka in beekamneef yammuu barbaannu eessa dhokanna.

_____

Gatii cubbuu sadii

Gatiin cubbuu sadffaan nu as irratti aeginu balleessaa keenyaa fi dogogora keenya warra biraatti qabachuu dha. Lakkoofsa 11 irratti Waaqayyo gaaffii gaafate _____ irraa nyaatteeree? jedhe.

Namichis _____ anis nan nyaadhe. Addaam balleessaa kanaaf Hewwaaniin qophaa ceephaa jira miti. “Dubartittii ishee ati anaa wajjin_____ naaf laattetu ija mikichaa naaf kenne. Anis nan nyaadhe” Jedhe.

Waaqayyo gooftaan dubartittiidhaan” _____ “ jedhe. Isheenis cubbuu isheetiif sababa barbaadde” _____ _____ “ jette.

Yeroo hundumaa cubbuu keenya dhoksuu yeroo barbaadinu balleessaa keenya kan itti qabannu barbaanna. Balleessaa keenya amanuu dhiifnee yammuu waan biratti qabachuuf sababa barbaannu tokkummaa walii keenyaa irratti dhiibbaa inni fidu maali? Tukkummaa keenyatu diigama. Addaam Hewwanii wajjin tokkummaa qabu dhabe. Lamaan isaanii immoo tokkummaa Waaqayyoo wajjin qaban dhaban.

Yaadota hunbannaaf nu gargaaran

1. Waantota Waaqayyo ittiin ceepha’ame me irra deebi’ii yaadi.

_____

2. Isinis balleessaa keessan yeroo namoota irratti qabaachuu yaaltan yaadaa

_____

3. Cubbuun amala isaatiin namoota akka ceephaannuu fi balleessaa keenyaaf namoota itti gaafatamoo akka goonnuuf dhiibbaa nurratti godha.Dhaabannee yoo itti yaadne, balleessaa keenyaa fi daddarbaa keenyaaf kan biro ceepha’uu dhiifnee, ofii keenyaa balleessaa keenyaaf itti gaafatama yo fudhanne firiin isaa maal ta’a?

_____

4. Har’a isin balleessaa keessaniif itti gaafatama fudhachuu in barbaaddu? Yoo barbaaddan jireenya keessan waan jijjiirudhaaf yaaddan tarreessa.

_____

Kadhata

Yaa Waaqayyoo koo an cubbamaa dha. Dogogoraa fi balleessaan hojjedhuu fi cubbuu kootiif itti gaafatama fudhachuu sammuun koo in dadhaba. Yaa Waaqayyoo waanan dubbadhee fi waanan godheef namoota biraa ceepha'uun kanaan balleesse hundumaa naaf dhiisi. Balleessaa kootiif warra kaan ceepha'uu koorraa kan ka'e namootan jaalladhu dhabeera. Sirraa kan adda nabaasan balleessaa kootiif dhiifama naa godhi. Amantiidhaan mucaakee ta'uukoo, ayyaana keetiin qajeellummaan naa lakka'amu, dhiiga ilmakee Kiristoos yessusiin furamuukoo nan fudhadha.

Boqonnaa 6

Itti Lixa

Qu'annaa Seeraa Umamaa keenya asi irratti dhaabuu hin qabnu. Kufaatii keenyaa fi kufaatii keenyaan kan nutti dhufe gatii cubbuu ilaallee, kufaatii keenyaaf namoota kan ceephaannu malee ofii keenyaa dogoggora keenyaaf ittigaaftama fudhachuu jibbuu keenya beekinee dhaabachuu hin qabu. Raajii Ermiyaas 3:13 irratti akkuma arginu Waaqayyo kan nu jaallate jaalala bara baraatiinii dha. Seera Umamaa boqonnaa sadii namoonni yeroo baayyee akka itti hubatan akka waan Waaqayyo namoota cubbuu fi kufaatii isaanii irraa kan ka'e abdii akka kutatee fi akka waan dhiisee gadhanii ti.Kun garuu dhugaa irraa kan fagaatee dha. Akka waan Waaqayyo baayee dheekkamee fi dheekkamsa isaa to'achuu dadhabuu irraa kan ka'e akka waan namoota abaarsa gidduutti dhiisee deemeetti yaaduun sirrii miti.

Seera Umamaa 3:14 irraa jalqabnee irraa deebnee eggannoodhaan haa ilaallu. Waaqayyo jalqaba bofichatti kan dubbate. Akkasis ittiin jedhe:"_____" Iddoo kanatti abbaa keenya isa gaarii fi humnaa hamaa gidduutti waraanni in eegale. Waraanni kun isaan lamaan kana gidduutti yo geggeefameyyuu xuuratti tokko In mo'a.

1. Far 106:1 akka ilaallutti gaariin _____ dha. 1Qor 15:57 irraa "_____ isaa karaa _____mo'icha _____ galanni haa ta'u" jdha.

2. Efeson 6:11-13 mi’a waraannaa kan qajeellina akka hidhannu nutti hima. Mo’aa humna hamaa ta’ee iddoo kanatti kan argamu _____ dha. Hiriirtota humna hamaa as irratti tarreeffaman jala sararaa.

Barumsa

Macaafi qulqulluun guutummaan kan dubbatu waa’ee lola kanaa ti. Waa’ee lola humnoota gaarii humnoota hamaa gidduutti geggeefamu. Humnoonni gaarii kan socha’an dadamqiinsa jaalalaan.. Macaafa Qulqulluunis waa’ee lola kanaa fiixee hamma fiixeetti nu odeessa. Garee lachanuuttu taattonni maqaa dha’amaniiru. Idoon lolaa adda ba’eera. Karoorri waraansichaa mirkana’ee lolli jalqabeera. Warri mo’an mo’uu isaaniitiif in badhaafamu. Waraanisichi kan eegale Seera Umamaa boqonnaa 3 irratti yeroo Waaqayyo bofatti dubbatee dha. lakkoofsa 14 fi 15 irratti haasaan Waaqayyooibsamee argina. Lolli kun hundumtu xumurri isaa maal akka ta’u immoo Mul’ata 12:9 irratti caqasamee argina. Xumurri human dukkanaa fi hamaa iddoo kanatti ta’ee argina. Kuticha dubbisaati me barreessaa;

Waaqayyo waan hundumaa ilaalee gaarii dha akka jedhe me yaada dha. Uma 1:31 Waaqayyo Waaqayyo gaarii waan ta’eef waan inni godhu hundi gaarii dha. Adaamii fi Hawwaaniin iddoo hundumtuu gaarii ta’e iddoo dhaabaa kana keessa fidee ka’e. Iddoo gaarii ka’amuu isaanii irraa kan ka’e waan isaan ilaalan hindu gaarii ture. Kanaatiif Addaamii fi Hewwaan waan isaan beekan hundi waan gaarii qophaa dha. Garuu bofichi isaan qoruudhaaf gaaruu qophaa utuu hin ta’in hamaas akka baran gochuudhaaf gara isaanii dhufe. Akeeka isaa hammeenya itti agarsiisuu fi itti beeksisuu dha. Namis qoramsa bofichaatti harka erga kennee isa gaarii hamaa bare. Yeroo sanaa kaasee gaarii fi hamaan tokkummaadhaan garaa namaa keessa jiraachuu waan hin dandeenyeef wal lolu. Namoonni dirree waraanaa ta’aniiru. Hamaan bulchiisa abbaa hamaan guutummaa namaa fudhachuudhaaf in lola. Waaqayyo immoo namoota gara gaariitti deebisuudhaaf dirree waraanaa keessa jira.

Lakkoofsa 14 fi 15 irraa dheekamsa Waaqayyo boficha irratti dhangalaase argina. Bofichi dheekkamsa kan irraa kan ka’e akkas ta’e

- Waaqayyoon _____ ture.(lakk. 14)
- Bofi bara jireenya isaa hundumaatti garaa isaatiin lafarra _____ture.(Lakk 14)
- Inni mataa kee_____(Lakk 15)

Gadi fageenyaan qu'achuu

Lakkoofsa 14 fi 15 qu'achuun kutaalee baayyee ulfaatoo dha. Haata'u malee ergaa baayyee fayida qabu waan qabuuf utuu irra hindarbin sirriitti ilaaluun in ta'a. Sababi isaa immoo Waaqayyo yeroo jalqabaatiif ilmaan namoota furuudhaaf iddoo kakuun itti kennamee dha. Idoo itti Waaqayyo isaa fi ilmaan namootaa gidduudhaa tokkummaa diigame haaressuuf kakuu galee hojii itti eegalee dha. Waaqayyo keenya kufaati ijoollee isaatiitti gammadee boqotee waaqayyo ta'u miti. Inni abba gaarii waan ta'eef kufaatii keessaa nu kaasuuf in dhufa. Bifichi diinni keenya nu gatuu barbaada. Waaqayyo abbaan keenya immoo nu kaasuu barbaada. Kana irraa kan ka'e bofi fi waaqayyo diinota ta'an. Inni tokko faallaa isa tokkoo ti. Waaqayyo bofichaan "siif dubartitti gidduu, sanyii isheetiif sanyiikee gidduus diinummaa nan buusa." Diinummaan kun maal jennee yo gaafanne

- Waaqayyo bofichaan inni mataa kee tumma jedhe. Mo'icha Kiristoosiin nuf kenname kan agarsiisuu dha. Barumsi kun ifee kan jiru Kaakuu Haaraa keessatti. Addumaan immoo 1Qor. 15:20-29 fi 54-57 irratti. Mo'ichi kun kan nuuf argame du'uu fi du'aa ka'uu Kiristoosiin.
- Waaqayo bofichaan "atis koomee isaa in iddita" jedheKunis kan agarsiisu bofichi haxinaatullee malee ga'umsa wal'ansoo qabuu akka qabuu dha. Yeroodhaaf nu qoruu danda'a, garuu gara dhumaatti mo'ichi kan keenya.

Sammuutti qabachuu

Seera umamaa 3:15 ibsuuf kutaa rakkisaa akka ta'e dhugaa dha. Haata'u iyyuu malee kutaa kana sammuutti qabachuuf in jajjabeessina. Kutaa kana sammuutti qabannee kutaalee biruu sammuutti qabannu wajjin yammuu walitti fidnu,Waaqayyo adeemsa fayyinaa keessattiseenaa inni hojjete ilaalla. Yaadannoo keenya irratti Seera Umamaa 3:15 barreessinee samuutti qabachuuf yaalii haa goonu.

Gilgaala

Gatiin cubbuu umama hunda dhiibbaa jala kan godhuu dha.

1. Dhiibbaa fi gatii cubbuu dursinee Hewwan keessatti argina. Waaqayyo Lakkoofsa 16 irratti waan lamaan kana itti dubbate.
   a. Yeroo ati ulfooftutti ani _____ guddaa nan baayisa.
   b. … abbaa manaakee_____
2. Addaamis cubbuuttu kufeera. Kana irraa kan ka'e Waaqayyo Addam irratti Adaba fidee ture. Isaanis akkas jedheera.
   a. Sababa keetiif _____
   b. Atis bara jireenyakee hundumaatti_____
   c. Lafti sababa keetiif_____ siif in biqilcha.
   d. Atis bara jireenyakee hundumaa itti dadhabdee _____

Boqonnaa 7

Barumsa.

Cubbuun Addaamii fi Hewwaniin raawwatameera. Diinni keenyas eenyummaan isaa adda ba'eera. Addaamii fi Hewwanis haala amma keessa jiranii fi dhugaa isaa iji isaanii banamee arganiiru. Cubbuun waan si'a tokko hojjennee dhiifnu miti. Al tokko jalqabnaan dhaabuun in ulfaata. Kana irraa kan ka'e jireenya keenya keessatti cubbuu al tokko goonee isarraa akka itti hin deebineef qalbii diddiirannee kan dhiifnu utuu hinta'in dhugaa yeroo hundumaa keessa jiraanuu dha. Jireenya cubbuu kana kan shaakalluuf fedha keenyaan utuu hin ta'in, cubbuun amala nama garboonfatu waan qabuuf.

Kanaa wajjin warri tokko mucaan isaanii waan hin abboomamneef yammuun inni adabau waan itti dhaga'amu haa yaadnu. Waari mucaa isaanii yammuu adabanii mucichi bo'u garaan isaanii in raafama. Mucicha adabuun waan irra jiruu fi jireenya mucichaa fuula duraaf barbaachisaa waan ta'eef in adaba. Yooma ta'e iyyuu yeroo adabaa dhukkuba mucichatti dhaga'amu yeroo ilaalan garaan isaanii mucicha duukaa bo'a. Waaqayyos akkasuma.

Gilgaala

Yoodhuma Addaamii fi Hewwaan isa yakkan iyyuu Waaqayyo takkumma isaan dhiisuu hin dandeenye. Garuu karaa isaan kufaatii fi balleessaa itti galan keessaa itti ba'an karoora qopheesse. Haa ta'u malee balleessaa isaaniitiif adaba barbaachisa kenneef.

1. In yaadattu yo taatan Addaamii fi Hewwan ija mukaa hin nyaatinaa jedhaman nyaatanii qullaa ta'uu isaanii yeroo baran baala irraa marxoo ulluusfitanii marxifatan. Yeroo kana Waaqayyo dursee uffata _____irra hojjetee itti uwwise.(lakk 21)

   Addaamii fi Hewwaniitti ufata gogaa irraa hojjetee itti uwwisuuf Waaqayyo dirqamatti horii tokko ajjeesuutu irra ture. Horii ajeesseetti gogaa kan itti uwwise. Horii kan ajjeesuu keessatti Waaqayyo dhiiga dhangalaaseera. Kun kan nu agarsiisu dhiifama cubbuu argachiisuuf gatiin dhiigaa dirqamatti barbaadamuu issa ti. Kunis Ib 9:22 sagalee jiru nu yaadachiisa. Kutichi akkas jedhe _____

   _____

2. Seera Umamaa 3:22 irraa akka ilaallutti dhimmi rakkoo guddaa ta'e _____

   _____

   Waaqayyo Addaamii fi Hewwaniin ija muka jireenya kennuu akkaa hin nyaanneef sababi inni dhowweef_____ ture.
3. Waaqayyo iddoo dhaaba Eedden gara ba'a biiftuutiin _____ dhaabe. Kirubeel kana chi ka'ameef maaliif ture? _____

   _____

Qu'annoo gad fagoo

Waaqayyo jaalala isaa isa gad fagoo Addaamii fi Hewwaniif attamitti akka ibse yeroo fudhannee itti haa yaadnu.Waanti gurguddaan sadi Waaqayyo godhe kanaa gaditti tarreefamaniiru. Dhimma kana irratti yaada kennuudhaaf mee haa ilaallu.

1. Addaamii fi Hewwan qullaa ta'uu isaanii yeroo baran baalaa marxifachuu yaaluun gaarii dha ture?
2. Addaamii fi Hewwaan ija muka isa jireenya kennuu akka hin nyaannee utuu hin dhowwamanne ta'ee, ija mukicha nyaatanii, abdii tokkummaan isaanii Waaqayyoo wajjinii deeffachuu utuu hin qabaatin, haala jireenya cubbuu keessa bara baraan jiraatanii maaltu ta'a ture?

3. Waaqayyoo cubbuudhaaf amala isaan qabaatan ilaale, IJa muka jireenya kennuu akka hin nyaanne gochuudhaaf karaa isa gara muka jireenya kennuutti geessu sana eegsisuusaan jaalala inni agarsiise hubadhu.

Kadhata

Yaa Waaqayyo Gooftaa keenyaa cubbamoota taanee utuu jirruu ati araara keetiin waan nu jaalallatteef si galateeffanna. Yooma nu.i yakkamtoota fi siif kan hin abboomamne taane iyyuu jaalala kee bara baraan waan nu jaallatteef gallanni siif haa ta'u. Rome 8:39 irratti akkuma barreefamee jiru eenyutu jaalala Kiristoositti gargar nu baasa? Sagalee misiraachoo waa'ee waa'ee ayyaanakeetii kanaaf galanni siif haa ta'u.

Yaada gudunfaa

Hamma ammaattu qu'annaa Seera umamaa boqonnaa sadii goone irratti gaaffilee baayyeen akka ka'an beekamaa dha. Gaaffilee ka'an kana hunda deebsuu akka hindandeenya adeemsa qu'anichaa keessatti argineerra. Garuu waan hundumaa keessatti waanti hubachuu yaalle jaallalli Waaqayyo nuuf qabu jaalala barabaraa ta'uu isaa (Er 31:3) fi Waaqayyo qulqulluu isa "Egaa abbaan keessan inni waaqarraa mudaa malee akkuma ta'e, isinis warra mudaa hinqabne ta'aa! Jedhu ta'uu isaa ti. Waaqayyo Gooftaa qulqulluu waan ta'eef cubbuu wajjin walii galee jiraachuu hin danda'u, cubbuus akkasumatti salphaatti ilaaluu hindanda'u. Kana irraa kan ka'e cubbuu ilmaan namootaa oolchuudhaaf yeroo ka'e waanti inni yaade 1. Cubbuu isa Isaa fi ilmaan namootaa gargar baasee, balleessuu yaade 2. Isattii adda nu baasuuf kan ture du'a bara baraa nu olchuuf yaade 3. Harka mootii dukkanaa Diyaabiloos nu buusuuf yaade. Macaafa Qulqulluun seenaa akkaataa Waaqayyo itti sababa isaa furuuf filatee fi tokkummaa jaalalaa isaanii wajjin qabu deebsuu hojjete nutti himuu dha. Kakuu Addaamii fi Hewwaniif mataa diinnichaa tumee tokkummaa umamaa fi Isaa wajjinii iddootti deebisuu,iddoo dhaabaatti gale raawwachuuf Waaqayyo namoota, ta'insa seenaa fi haalota tokko tokko fayyadame malee, qophaa isaa hin goone. Jaalalli isaa tokkoo tokkoon keenyaa akka inni nu jaallate itti siqenyaan akka beeknuu fi karaa Yesuus Kiristoos Gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenyaa, isaa wajjin tokkummaa addaatti akka dhufnuu dha.

Barumsa 3

“…Obboleessa koo natu eegaa?”

Seera Umamaa 4-5 Seenaa Abeelii fi Qaayel

Itti Lixa

Taatewwan haaraan in beeksifamu

Arsaa dhi’eessu

Qaayel Abeeliin ajjeesse

Gatii cubbuu Qaayin

Abeel nama Amantii

Hojiirra oolchuu

Hidda dhalootaa

Dursa

Cubbuun biyya lafaatti erga galee waanti gaariin lafarra hundi in faalame. Abboomamuu diduun biyya lafaa irratti dhiphinaa fi du’a fide. Du’aa fi jireenyi biyya lafaa Waaqayyo uume keessatti dhugoowwan waliin jiraatan ta’an.Seera Umamaa 4 irratti jireenyi Addaamii fi Hewwan utuu irra deebi’amee hin qajeelfamin bade argina. Cubbuun fuulaa fuulatti firii isaa agarsise. Waaqayyoo Addaamii fi Hewwaniif ijoollee dhiiraa lama kenneef. Inni guddaan Qaayin yammuu ta’u quxisuun isaa imoo Abeel jedhama. Hojiin isaanii gara gara ture. Qaayin qotee bulaa yammuu ta’u Abeel immoo horsifatee bulaa ture. Lachannuun isaanii aarsaa isaanii Waaqayyoof fidan. Waaqayyo gara Abeelii fi aarsaa isaa ilaalle. Aarsa Qaayin garuu hinsimanne. Qaayin Waaqayyo aarsaa obboleessa isaa Abeel simatee kan isaa waan dhiiseef baayyee aare.

Waaqayyo gara Qaayin dhufeem maaliif “aartee bobbaate? Maalifis mataa bufte?” jedhee Qaayiniin gaafate. Waaqayyo Qaayiniin gara abboomamuutti wwame. Waaqayyo “wanta gaarii utuu hojjette ol jetta turte mitiire?” ittiin jedhe. Yammuu Qaayinii fi Abeela aarsaa isaanii dhi’eessan Waaqayyoo garaa isaa ilaalala ture. Waaqayyo Qaayiniin irra deddeebi’ee akkas jechuun gorse “waanta gaarii hin hojjettu yo ta’e garuu cubbuun balbala kee dura riphee si eeggata, si argachuus in kajeela; ati garuu isa irratti aboo godhadhu.” Cubbuun Qaayinitti galee mi’a isaa akka hin godhaneef Waaqayyo ayyaana isaatiin akeekkachiiseera.

Qaayin garuu Waaqayyoon dhaga’uu hin barbaadne, jereenya isaa cubbuun akka irratti mo’uuf kenne. Ammas Waaqayyo gara Qaayin dhufee gaafate”Abeel obboleessikee eessa jira? Qaayin deebii sobaa Waaqayyoof deebise. “ Ani hin beeku, obboleessakoo natu eegaa? “ Gaaffiin Qaayin gaafate baroota hundaa keessatti gaafatamaa ture. obboleessa koo natu eegaa?

Seera Umamaa boqonnaa 4 keessatti, Waaqayyo gatii jireenya namaa fi itti gaafatama tokkoo tokkoon namaa walii isaa akka eeguuf itti kenname mul’isa. Sababa humna jal’ina isa gara hammenyaatti akka nu’i galagalu nu godheef, Waaqayyoo isa wajjin taanee namoota akka kunuunsinuuf gara tokkummaa jaalalaa walii keenyaa wajjin qabaachuutti nu harkisa. Qu’annaa kana guutummaa keessatti gaaffii kana of gaafadhu.

1. Eeny obboleessi/obboleettiin koo?
2. Attamittan isa/ishee kunuunsuu danda’a? Oo’aa fi jaalalaan akka eebbisuuf Waaqayyo kan na waame eenyu fa’i?

An eegaa obboleessa kooti? Deebii isaa ifaadha; eeyyee kun carraa guddaa dha! Qu’annaa keenya kana keessatti Waaqayyo ija keenya nuuf bane attamitti akka inni eegaa obboleessaa/obboleetti nu godhe yaaduun gaarii dha.

Itti Lixa

Addaamii fi Hewwan iddoo dhaabaa Eedden keessaa ariyatamaniiru. Waaqayyo jalqabatti yeroo isaan uume Iddoo dhaabaa keessa isaan ka’ee. Addaamii fi Hewwan iddoo dhaabaa Eeddenii ala bakkee turanii hin beekan. Yeroo Iddoo dhaabaa ala ta’an maal akka isaan yaadan baruuf baayyee nama hawwisiisa. Iddoo dhaabaa keessatti Waaqayyo waan hundaa kenneefii ture. Amma garuu ofii hojjetanii nyaachuutu isaan irra ture.

Yeroo jalqabaaf Addaamii fi Hewwan Waaqayyo adda ba'anii jiraatanii qophomaan itti dhaga'ameera. Amma cubbuun Addaamii fi Hewwan gudduu goree hanqina uumeera. Seera Umamaa 2:24 irratti Addaamii fi Hewwan foon tokko akka ta'an dhugaa ba'ameefii ture. Amma garuu gidduu isaanitti hanqinni argameera. Cubbuu irraa kan ka'e tokko ta'uun itti ulfaateera.

Boqonnaa 1

Hojii manaa Seera Umamaa boqonnaa 1 dubbisi.

Yaadachiisa. Baayyee beekuu kan nu'I barbaadinu baayyeen boqonnaa kana keessatti nuuf hin barreeffamne. Dhuguma Seera Umamaa boqonnaa 4 kana dubbiftanii yeroo raawwattan dura kan ture caalaa gaaffii baayyee qabaachuu dandeessu. Akkeki boqonnaa kanaa sababa cubbuutiin biyya lafaa kana irratti kufaatii fi diigamsi ta'uu isaa agarsiisuu dha. Wangeela Yohaannis 10:10 irraatti Yesuus akka nutti hime inni hatichi ajeesuu fi hatuuf malee waan biraaf gara keenya hin dhufu. Kana qalbiitti qabannee mee gara qu'annaa keenyaa Uma 4 haa dhaqnu. Kana hundumaa keessatti garuu Waaqayyo araara isaa nutti agarsiisuuf yeroo hundaa nu wajjin jira.

Gilgaala

1. Macaafa Qulqulluun Addaam haadha manaa isaa beeke jedha. Kana booda kan dhalatan ijoolleen eenyuu fi eenyu? _____ _____
2. Ijoolleen kun lachannuu hojiin isaanii maal maal ture?
   a. Abeel hojiin isaa_____ ture
   b. Qaayin hojiin isaa_____ ture.
3. Kana boodaa Abeelii fi Qaayin Waaqayyoof aarsaa dhi'eessanii turan.
   a. Abeel _____ dhi'eesse.
   b. Qaayin _____ dhi'eesse.
4. Gaafii Waaqayyo aarsaa Qaayin simachuu dide deebiin Qaayin maal ture?
   _____.

Boqonnaa 2.

Barumsa

Yeroo seenaa Abeelii fi Qaayin ilaalluu waan Waaqayyo sirri hin hojjenne nutti fakkaata. Waaqayyo aarsaa Abeel fudhatee kan Qaayin diduun isaa obboloota gidduutti rakkoo uume jechuu dha. Utuu kan lachuu isaanii fudhateera ta'ee kun hundi hin dhufu ture jechuu dha. Waaqayyo garuu kan isa tokkoo fudhatee kan isa kaanii dide. Maaliif akkas ta'e kutichi deebii ga'aa hin kennu. Kuticha keessatti kan nu agarru Abeel hoolota isaaa keessaa warra dura dhalatan qalee coomaa isaanii arsaa dhi'eesse jedha. Arsaa kana dhi'eessuudhaaf hoolota kana ajjeesuu fi qaluu barbaachisa ture.

Seera Umamaa 3:21 irratti yeroo Addaamii fi Hewwan qullaa ta'uu isaanii baranii baqatan gogaa isaanitti uwwisee ture. Gogaa itti uwwisudhaaf horii ajjeesee dhiga dhiisuuti irra ture. Egaa kun kan nu agarsiisu, cubbuu fi irra daddarbaan bakka jiru, dhifami akka ta'uuf dhiga dhangalaasuun akka barbaachisuu dh. Kanaatiif aarsaan Abeel dhi'eesse dhiga hoolaa dhangalaasuun waan ta'eef fudhatama waan godhate fakkaata. Kana hubachuun keenya gara dhumaatti Yessus dhufee cubbuu biyya lafaatiif dhiiga isaa dhangalaasuu isaa akka hubannu nu godha. Aarsaa dhigaa isaatiin aarsaa irra daddarbaa keenyaa arganneera.

Gilgaala

1. Kana booddee Qaayin_____ boba'ee _____buse.
   Waaqayyo aarsaa isaa waan simachuu dideef waan Waaqayyo isa gatee fi isa dhiise itti fakkaate. Waaqayyo garuu itti dhiyaatee "Maaliif aartee bobaatee?, maalifis mataa buufte?" Jedhee gaafate.
2. Kana booddee Waaqayyo " Waanta gaarii _____
3. Waanta gaarii hin hojjetu yo ta'e garuu _____

Barumsa

Waaqayyoo Qaayiniin waan inni hubachiise cubbuu balbala isaa dura akka riphee isa eeggatuu dha. Kanaatiif akka inni dafee irratti aboo godhatuu ture. Kan inni kana godheef waan Qaayiniin jaalatuuf ture. Haasaan kun iddoo dhaaba Eedenitti isa Waaqayyo Addaamii fi Hewwaanitti dubbate nu yaadachiisa. Uma 2:17 Qayin garuu

cubbuun mo’ame. Amalli cubbuu sanyii sanyiitti darbee nama garboonfachuu dha. Kanaatiif abbooamuu diduu abbootaa Qaayin itti fufe.

Gilgaala

1. “Cubbuun balbala kee dura riphee si eeggata.” Jecha hjedhu yammuu dubbiftu fakkii attamiitu yaada kee dura dhufa? 1Phex 5:8 wajjin wal bira qabii ilaali.

_____

2. Mul 3:20 irratti Yesuus balbala dura dhaabatee akka rurrukutu ibsameera. Kutaa kana barreessi _____

---

3. Mee akkaataa barreeffama kanaa hubadhu.

---

a. Cuubbuun _____riphee si eeggata.

b. Yeesus _____ dura dhaabatee rukuta

Yesuus balbala dura dhaabadhee in rukuta. Hamma balballi banamuufitti dhaabatee eega. Cubbuun garuu balbala dura riphee eeggata, ol galuuf karaa addaa addaa yaali godha malee hin eeggatu.

Boqonnaa 3

Hojii manaa

Uma 3:8 dubbisaa. Iddoo kanatti Qaayin obboleessa isaa Abeeliin kottu dhaqnee xabannaa jdhuu bakkeetti baasee akka ajjeese argina. Hinaafaadhaa fi aarii irraa ka’ee ajjeesse.

Kanatti fufee kan jiru hubadhaa. Qaayiniin waan inni hojjete kan dhufee gaafate Waaqayyo malee abbaa isaa yookin haadha isaa miti. As irratti waanti hubachuun nuf ta’u Uma 3 irraa

kaasee yeroo ilaallu waa'ee cubbuutiif dhi'aatee kan nama gaafatuu fi adabu Waaqayyo qophaa akka ta'ee dha.

Gilgaala

1. Waaqayyo Qaayiniin maal gaafate?_____
2. Qaayin maal jedhee deebse?_____
3. Isa booda Waaqayyo maal jedhee gafate?_____
4. Um 3:13 dubbisaa. Iddoo kanatti Waaqayyo maal gaafate?_____

Tatee kana boode duuti biyya lafaatti gale. Waaqayyo jalqabatti yeroo nama umee haa du'aniif hin turre. Garuu cubbuun du'I fudhate gara biyya lafaa dhufe. Har'a gaazexaa fi odduuwwan addaa addaa irraa waa'ee du'aa dhageenya.

Gilgaala

1. Kana booda lakkoofsa 10 irratti kan inni jedhe dubbisaa. Akkas jedhe

   _____

Waaqayyo umama uume in jaalata. Umama kana irratti yeroo dhibbaan geggeefamuu fi kan biraa irratti yeroo isaan dhiibbaa geggeessan inni Sagalee miidhaa kana waaqarra dhageeffatta. Uma 3:10 dubbisi.

2. Akkasumas iddoo kanatti cubbuun akka gatii nama baasisu argina. Erga inni obboleessa isaa ajjeese Waaqayyo akkas jedhe. Uma 4:10-12
   a. "Ammas ati _____ dha."
   b. "Lafa yeroo qottu _____"
   c. "Biyya lafaa irratti nama _____,_____ "
3. Deebiin Qaayin maal ture? _____.

Lafti abaarameera, midhaan ga'aa argachuu hin danda'u. Waa'ee adaba isaatii Qaayin waantota biro maal faa jedhe? Lakkofsa 14 ilaali.

a. _____ na ariiteetta.
b. Fuula kee duraas _____

c. Ani lafa irraa _____

d. Namni arge _____

4. Kana booda Waaqayyo lakkoofsa 15 kaasee maal jeedhe?

   a. Waaqayyo maal jedhe? _____

   b. Waaqayyo maal godhe? _____

   Milikita Waaqayyo itti godhe hin beeknu. Gaaruu Qaayin milikitichi araa Waaqayyoo akka ta'e hubateera.

5. Seera Umamaa 4:16 maal jedha? _____.

Yaadadhu dhuma Seera Umamaa boqonnaa 3tti Addaamii fi Hewwaan iddoo dhaaba Eedenii ba'uu isaanii argina. Xumura boqonnaa 4tti immoo Qaayin fuula Waaqayyo duraa ba'uu isaa argina.

Boqonnaa 4

Barumsa

Jalqabatti gosoota Qaayinii fi ijoollee isaa haa ilaallu. Kun Seera Umamaa hubachuuf nama gargaara.

1. Seera Umamaa 4:17 irratti mucaan dhalate maqaan isaa _____ jedhama.
2. Qaayin manadaa tokko _____ maqaa isaa _____ moggaase.
3. Itti fufee idda dhaloota Qaayin tarreeffamanii argita.
   A. Lakk 20 Yaabaal abbaa _____ ti.
   B. Lakk. 21 Yubel Abbaa _____ ti.
   C. Lakk. 22 Tubaalqaayiniin ilama _____ ti.
4. Lakk. 25 fi 26 irratti hidda dhaloota Addaamii fi Hewwan argina. Hewwanis ulfooftee _____ desse. Seetis ilma _____ jedhama qaba ture.
5. Lakk. 26 irratti Waaqayyo namoota wajjin tokkummaa akka jalqabee argina. Kunis kan ta'e sababa _____ ture. Kana booddee namoonni maqaa isaa waamanii isa waaqeffachuu jalqaban.

Qu'annoo gadi fagoo

Baafata M/Qulqulluu toora qabannee yo qu'anne Seerri Umamaa boqonnaan 4 kutaalee biro M/Qulqulluu keessatti attamitti akka hiikame yoo ilaalle raagaa baayyee hiikaa gadi fagoo qaban arganna. Sababi isaa kutaalee Macaafa Qulqulluu wal bira qabnee waan

baayyee irraa baranna waan ta'eef. Akka kanaatti Seera Umamaa boqonnaa 4tti aanee kan dhufu ergaa gara Ibiroota boqonnaa 11. boqonnaan kun boqonnaa amantii jedhamee waamama. Sababi isaa abboota amantii maqaa dha'ee amantiitti waan nu jajjabeessuuf.

Hiika

Amantii akka Ibroota 11:1 irratti amntii jechuun _____ _____ _____ dha.Lakkoofsa 4 irratti kan maqaa dha'aman keessaa Abeeliin argina. Itti fufnee yoo dubbifne Abeel waanta inni amantiidhaan hojjete tarreefamanii argina.

Abeel amantiidhaan _____

Abeel amantiidhaan _____

Abeela amantiidhaan_____

Kutaa kana yeroo qorattan hubannaa keessan irratti maal isinii dabale. Hubannoo inni naa dabale _____

Hojiirra oolchuu

1. Ana jireenya koo keessatti Obboleessa koo fi obboleettawan koo kanaan jedhu eenyu fa'i?
2. Deebiin Qaayin dafee deebse maal ture? _____
3. Ana har'a obbolloota koo fi obboleettowan koof attam godheen jaalalaa fi gaarummaan isaaniif qabu ibsuu danda'a? _____
4. Nu'I maaliif waa'ee obboloota keenyaa fi obboleettowwan keenyaa yeroo gaafatamnu an eegaa obboloota kootii miti kan jennu?_____ _____
5. Mat 25:37-40 dubbisaati hubannaa dabalataa inni isinii kennu irratti mariya dha. Waa'ee obboleessaa fi obboleettii maaliif Yesuusitti dhaga'ama?_____ _____.

Kadhata

Yaa Waaqayyo nus har'a jireenya keenyatti dadhabbiin qabna nu gargaarri. Uma 4 irratti seenaa Qaayin dubbifnee maaliif obboleessa isaa ajjeesse jennee itti faradna ta'a. Haa ta'u malee nus har'a obbooloota keenya akka ta'utti jaallannee waa'een isaanii nutti dhaga'amee hinjirru. Nuu dhiisi! Obbooloota fi si wajjin nagaan akka jiraannuuf nu gargaarri. Ameen.

Boqonnaa 5

Itti lixa hidda dhalootaa

Seerri Umamaa boqonnaan 5 lakkoofsa tokko irratti waa 'ee Addaamii fi Hewwaan kaaseetu lakkoofsa sadii irraa eegale immoo hidda dhalootaa Addaamii irraa kaasee tarreessa. Hidda dhalootaa kana keessatti namooti maqaa dha'aman bara dheeraa jiraachuun isaanii yammuu argitu gaaffii yaada keetti fiduu danda'a. Sababi isaa barri isaan jiraatan baroota dhedheeraa dha. Dhima kana ilaalchisee qu'annaa keenya keessatti waan jennu qabna. Garuu hundumaa isaa iyyuu xinnoo xinnoo ilaalla malee gad fageenyaan miti.

1. Seera Umamaa 5:1 seenaa nu yaadachiisu qaba.
    A. Waaqayyo gaafa nama uume akka _____ fi _____ isa in tolche. Uma 3:27 dubbisi.
    B. Waaqayyo gooftaan _____fi _____godhee uume.
    C. Kana booda _____ jedhee waame. Uma 1:28
2. Lakkoofsa tokko irratti kan agarrerraa adda kan ta'e waanti nu'i lakkoofsa sadii irratti agarru maaltu jira.
    a. Lakkoofsi kun waa'ee ilma Addaam maal jedha?
    b. Attami bifa yookin fakkattiin Ijoollee Addaamii, bifa yookin fakkaatti isa Waaqayyoon akka qabaataniif fakkeesse umee argisiisuutti?

        _____

        Uma 1:26-27 ilaali.
    c. ILmaan namootaa kufaatii cubbuutti booda fakkaatti fi bfa Waaqayyoon umamuu isaanii hin calaqisiisan. Sababi isaa cubbuun waan biyya lafaatti galee fi dha.

3. Gabatee armaa gadii irratti Addaamii kaasee hamma Nohitti dhaloota jiraatan tooraan uurii isaanii wajjin barreessi.

Maqaa	Umurii	Maqaa	Umurii

4. Lakkoofsa 21-24 kan jirru irraa waa'ee Heenok maal hubattan?

   _____

5. Kan tarreeffaman keessaa bara umurii dheeraa jiraatee kan du'e _____ dha.
6. Uma 5:29 irratti Laamek waa'ee Nohi maal jedhe? _____
7. Uma 3: 17 -19 irratti maaliif Waaqayyo biyya lafaa abaare? _____
8. Uma 5:32 irratti maqaa kan dha'aman ijoolleen Nohi eenyu fa'i
   a. _____
   b. _____
   c. _____

Hojii irra oolchuu

Isin mee hidda dhaloota keessanii fakkii kaasuu yaalaa.Tarrii xinnummaatti kan du'e umurii isaa/ishee lakkaa'uun kan nama rakkisu jiraachuu danda'a. Garuu yaalaa. Hidda dhaloota keessanii keessaa jireenya keessan irratti waan addaa kan fide eenyu akka ta'e xiinxala.

Kadhata

Yaa Waaqayyo abboota koo na dursanii turaniif si haa galatu. Seera Umamaa 5 irratti tarreefama maqaa abbootaa jiraniif si haa galatu. Abboota kanaa irraa kan ka'e barumsaan

baradheef guddaan si galateeffa dha. An akkuman isaan irraa baayyee barradhe waara na boooddee dhufan akkan barsiisu na gargaarri.

Barumsa Arfaffaa

…Deebi’ee hin ta’u

Seera Umamaa 6-9:17

Nohii fi bishaan badiisaa

Itti Lixa

- Umama Waaqayyoo fi murtoo isaa
- Nohii fi bidiruu isaa
- Dhufaatii bishaan badiisaa
- Waaqayyo Nohiin in oolche
- Bidiricha keessaa ba’uu
- Hiikaa: Araara
- Eebba Waaqayyoo
- Hiikaa: Arsaa fi qajeelummaa
- Gatii dhiigaa
- Bifa isaatti umamne

- Hiika Kakuu

Itti Lixa

Seenaan bishaan badiisaa kun, Waaqayyo umama umetti gaabbuu isaatiin, jalqaba. Sababi isaa umamani inni uume cubbuudhaan falame ture. Biyyi lafaa beekumsa dhabuudhaan guute. Amalli garaa namaa hammeenyaan guutuu ta'e. Waaqayyoon sodaachuu fi qajeellummaan in bade. Biyyi lafaa waan hammeenyaan gutteef Waaqayyo biya lafaa balleessuu murteesse. Waaqayyo cubbuu in jibba hoo.

Bishaan badiisaa biyya lafaa guute. Umamaa yakkamaa fi Waaqayyo qulqulluu garaa garummaatu uumame. Bishaan badiisaa namaa fi umami hundi daddarbaa isaan akka awwaalamu godhe. Garuu kana gidduutti nama qajeelaa tokkotu argame. Nami kun Nohi jedhama. Waaqayyo araara godhee fi akka inn bidiruu hojjetatee maatii isaa wajjin badiisa oolu godhe.

As irratti waanti garaatti qabachuun nuuf ta'u waanta guddaatu jira. Waaqayyo biraa biyya lafaatti kan ergame bishaan badiisaa tokko qophaatu ergame. Bishaanni kun cubbamoota balleessee qajeeltota ol ol qabe. Cubbuu balleessee, bishaan badiisaa kana keessaa bidiruu Nohi ol ol kan qabe, bishaanuma kana.

Erga bishaan badiisaa darbee booda Waaqayyoo Nohiin akka inni bidiruu keessaa ba'uuf waame. Waaqayyo Nohiin oolchuudhaaf jedheetu, isa keessa isa ka'e, bidiruu keessa akka ba'uuf waamicha dhi'eesseef. Nohi bidiricha keessa yeroo ba'e Waaqayyoof sagade. Waaqayos Nohiif kakuu gale. Kanaan booda bishaan badiisaan akka nama hin balleessine Waaqayyo Nahiif kakuu gale.

Iddoo kanatti waanti nu'i barannu, nurraa kan ka'e, Waaqayyo warra biroodhaaf araara isaa akka agarsiisu danda'uu fi baayyota balleessee irraa oolchuu akka danda'uu dha. Waaqayyo deebi'ee bishaan badiisaatiin biyya lafaa akka hin balleesinne kakuu gale. Waaqayyo keenya Waaqayyo kakuu diigu miti. Sagalee isaa kanaan isa amanuutu nuuf ta'a.

Bara jireenya keessaniitti sagalee kana yaada dha. Waaqayyo cubbuu irraa kan ka'e irra deebi'ee bishaan badiisaan akka nama hin balleessine kakuu galeera. Sagalee kana amanannee jiraachuu dandeenya.

Boqonnaa tokko

Itti lixa

Dursinee waan tokko yaadachuun nuuf ta'a. Innis Waaqayyoo fi humnoota badii gidduutti lola banamee dha. Waaqayyo yeroo hundumaa namoota uumee wajjin tokkummaa gochuu barbaada. Inni umama isaa hunda in jaalata. Cubbuun garuu gar gar baasuu fideera.

Seera Umamaa boqonnaa 6,7 fi 8 irratti seenaa sababa cubbuu irraa kan ka'e bishaan badiisaan Waaqayyo biyya lafaa balleessuu isaa ti. Seenaan kun kan eegalu waa'ee ilmaan namootaa fi ilmaan Waaqayyo wal fuudhuu isaaniitiin. Isaan ijoollee Waaqayyo jedhaman kun eenyufaa akka ta'an waan beeknu hin qabnu. Haa ta'u malee amma qu'annaa keenya haa eegallu.

Hojii manaa Uma 6 dubbisi!

Gilgaala

Seera umaamaa 6:5 irratti waan dinqisiisaa tokko argina. Iddoo kanatti waanta Waaqayyo arge barreessi

_____

1. Lakkoofsi kun cubbuun ilmaan namoota hammam akka baayyate yeroo ibsu jecha sadiin ibsa. Jechoonni kun
   a. _____
   b. _____
   c. _____

Cubbuun umama hunda faale. Waanti ilmaan namaa hojjetan hundi hammeenya ta'e. Kan qajeellummaa dheebotuu fi beella'u hin jiru. Yaadni garaa keenyaa hammeenya ta'e. Barreessaan ergaa Ibirootaa kana akkana jedhee ibse. Ib 11:6 irra isa jiru barreessi _____

_____

2. Ib 11:6 dubbisiiti karaa Waaqayyoo wajjin tokkummaa nagaa uumuuf waan barbaachisan dubbadhu
   a. _____
   b. _____

c. _____

3. Uma 6:11 amala ilmaan namoota ibsuuf jechoota ka'aman dubbadhu.
   a. _____
   b. _____

Gaaffiilee

1. Seerri umamaa 5:6 waa'ee amantii maal jedha? _____
   _____.
2. Lakkoofsi 7 Waaqayyo maal gochuu yaade jedha? _____
   _____
3. Waaqayyo balleessuuf kan yaade ilmaan namootaa kanaaf maal kenneefii ture? _
   _____

Xiinxaluu

Waaqayyo waan lubbuu qabu hunda balleessuuf murteesse. Umama umee hundumaa tokko iyyuu o'a isaatiin hanbisuu hin barbaadne. Kun umami hammam cubbuun akka bade nu agarsiisa. Gaaffilee kana me xiinxalaa.

1. Dheekamsa Waaqayyoo kan ittiin ibsame maal ture? _____
   _____
2. Akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyoo ti kan umami name isa fakkachuu dhiisee faallaa isaa yeroo fakkaatu bifa attamii qabaata? _____
   _____
3. Hojiin uumuu Waaqayyoo itti fufee jira. Ijoolleen in dhalatu horiin wal hour.Biqiloonni in daraaru. Utuu Waaqayyo umamaaf yammus hin o'inee ta'ee maaltu ta'a ture? _____
   _____
4. Waaqayyo yeroo ilmaan namootaa uume bifa isaatii fi fakkeenya isaa akka qabaataniif ture. Amma garuu ilmaan namootaa erga cubbuutti kufanii booda bifaa fi fakkii Waaqayyoo dhiisanii waan biraa fakkaatan. Bifaa fi fakkii Waaqayyoo bakka bu'ee keessa keenya kan jiru amma maali? _____
   _____

Hojiirra oolchuu

1. Waaqayyo yeroo kam iyyuu umama umee fi ijoollee isaa wajjin tokkumaa umuu jaalata. Waaqayyo Waaqayyo tokkummaa uumuu dha. Garuu har'a tokkummaa nu'i Waaqayyo wajjin qabnu maal fakkaata? Nuu fi isa gidduutti gufuu waanti ta'e jira? _

   _____

2. Mee jireenya keessan keessatti nama gargaaruudhaaf barbaaddanii yeroo harka gargaarsaa keessan diriirsitan yaada dha. Nami isini gargaaruuf jettan kun gargaarsa keessan tufatee fudhachuu yo dide maaltu isinitti dhaga'ama? _____

   _____

Kadhata

Yaa Waaqayyo jaalala bar baraa ati naaf qabduuf sin galateeffa dha. An nama hammeenya jaalatu cubbamaa yoon ta'e iyyuu ati naaf guyyaa hundumaa Waaqayyo gaarii waan taateef sin galateeffa dha. Yaa Waaqayyo anaaf siin gidduutti isa gargaar baasu fidu akkan buqisuuf na gargaarri.

Boqonnaa lama

Itti lixa

Kufaatii Addaamii fi Hewwan booda seenaan ilmaan namaa badaa deeme. Cubbuun ilmaan namootaa baayyachaa deeme malee xiqqachaa miti. Hammeenya fufiinsaan itti fufe kana qu'annaa keenya boqonnaa 4 keessatti Abeel attamitti harka obboleessa isaa Qaayinitti akka du'e ilaalleerra. Kanaan utuu hin dhaabbatin hammeenyi fi kufaatiin ilmaan namaa hamma boqonnaa 6ttii itti fufe. Abdiin xinnoon kan argamtu Uma 6:8 irratti.

Hojii manaa

Uma 6:8-Uma 7:5 ti kan jiru dubbisi.

Gilgaala

1. Abdiin nu'i lakk. 8 irratti arginu maal jedha? _____

   _____

2. Lakkofsa 9 nama kan ibsuuf jechoonni ka'aman maal maal kan jedhanii dha?

a. _____

b. _____

c. _____

d. _____

3. Ijoolleen Nohi maqaan isaanii eenu?

   a. _____

   b. _____

   c. _____

4. Waaqayyo Nohitti karoora isaa hime. Karoorri isaa kun maal ture? _____

   _____

5. Biyyi lafaa cubbuudhaan guutamuu irraa kan ka'e Waaqayyo biyya lafaa balleessuuf ka'uun isaa ifaa dha. Garuu Waaqayyo Nohitti araara isaa argisuu barbaadeera. Araarri inni Nohiin agarsiise kun maal ture? Karoora maalis itti hime? _____

   _____

6. Nohi bidiruu akka hojjetuuf duraa dubbi isaa maal ture? _____

   _____

7. Bidiruu sana erga hojjetee boodaa Nohi maal akka godhatu irraa eegamee ture?

   _____

   Waaqayyo Nohi bidiruu erga hojjetee booda Nohii fi horiin akka itti galan abboome. Ergasii booda bishaan badiisaa hammamiif lafarra tura jedhe? Guyyaa _____ fi halkan _____. Itti aansee sagalee kanatti fufee jiru dubbate. _____

   _____

8. Waa'ee amantii Nohi kan nutti himame maali? Boqonnaa 6:5 fi boqonnaa 7:5 irratti _____

Shaakala hojii

Nohii namoota bara sana wal bira qabanii ilaaluuf jechoonni tokko jiru. Boqonnaa 6:5 fi boqonnaa 7:5 irraa jechoonni kun maalfa'i?

Nohi kan ittiin faara tolaadhaan ilaalame.	Cubbuu Namootaa

Hojiirra oolchuu

1. Nohii maatiin isaa yeroo bidiruu hojjetaaa turan jireenyi isaanii maal fakkaata ture? _____
2. Isinoo jireenya keessan keessatti waan itti amantaniif yammuu dhaabattan namoonni isinitti qqosanii beekuu? _____
   _____
3. Namoonni maal isiniin jedhan? Isinoo maal gootan? _____
   _____

Qu'annoo gad fageenyaan

Nohi namoota bara sanaatti gowwaa fakkaatee ilaalamuun isaa hin oolle? Namoonni itti qoosaa turan. Nohi garuu hojii isaa itti fufe malee hin dhabne. Dhimma kana irratti Ib 11:7-8 irra waan jiru ibsi.

Nohi _____ isa _____waa'ee waan _____ akeekkachiisa dhaga'ee _____ warra mana isaa oolchuufis _____tolfate._____ immoo biyya lafaatti yakka mursiise, _____ _____ argamus _____ qabeenyaa isaa in godhate.

Nohi nama amantii ti. Waanti ijaan argamu utuu hin jiraatin waan ajajame nama hojjetee dha. Waaqayyoon amanuu isaatiin badiisa guddaa irraa hafe. Nus har'a jireenya Nohi irraa barree sagaleen Waaqayyoo waan nuun jedhu amantiidhaan hojii irra oolchuu danda'uutu nurra jira.

Kadhata

Yaa Waaqayyo gooftaa keenyaa akka bifa keetii fi akka fakkeenya keetii ti nama ati uumte sii fi fedha kee dhiisee si gaddisiise.Balleessaa kanaaf yammuu ati biyya lafaa balleessuu murteessite garuu amantiidhaan dhaloota sana keessaa adda kan ba'e Nohiin argatte. Nohi amantiidhaan siif abboomamee ture. Nus har'a Nohi irraa barree sagalee kee amantiidhaan fudhannee akka jiraannu nu gargaarri.

Boqonnaa 3

Hojii manaa

Bidirichi hojjetamee dhume. Nohi immoo horii wajjin bidirichatti gale. Waaqayyo karaa duubaa balabala itti cufe. Kana booda guyaa_____ fi halkan _____ bokkaan roobe. Uma 7:17 Kana booda Waaqayyo Nohiin akkas jjedhejedhe;_____ seenaa isaa itti fufnee ilaalla. Kana booda Waaqayyo Nohiin akkas jedhe. Seenaa isaa Seera Umamaa 7 irraa dubbisaa.

Gilgaala

1. Akka lakkoofsa 7 fi 13 ibsutti gara bidirichaatti kan galan ibsi. _____
   _____
2. Akka Lakk. 8-15 irratti ifetti horiin bidiruutti galan gosa attamii akka turan tarreessi. _____
   _____
3. Akka Lakkoofsa 16 irraa arginutti kan cufe eenuu dha? _____
   _____
4. Lakk.11-20 irratti bishaan badiisaa ibsuudhaaf jechoota maqaa dha'aman tarreessi. _____
   _____
5. Bishaan badiisaan waantoonni badan maal maal fa'i?
   _____
   a. Lakk. 21 irraa_____

b. Lakk.22 irraa _____
c. Lakk. 23 iraa _____

6. Lakk. 24 irraa akka ilaallutti bishanichi guyyoota meeqaaf irra lafaa ture? __
_____

Yeroo bishaan badiisaa lafa uwise Nohii fi matii isaatti maal akka itti dhaga'ame tilmaamuun ulfaataa dha. BIshaanichaan badaa kan jiran oolota isaanii, firoota isaanii fi miiltoo hojii isaanii ti. Yeroo kana gammachuutu itti dhaga'ama jechuun ulfaataa dha. Waaqayyo hammam cubbuu akka jibbuu fi obsuu hin dandeenye kutaa kana irraa barachuun in danda'ama. Haata'u malee kuticha keessatti araara Waaqayyoo in argina. Nohiin olchuuf Waaqayyo in murteesse.

Hojii manaa

Seera Umamaa 8:1-19

Gilgaala

1. Nohi yeroo hammamiif bidiricha keessa akka turu itti hin himamne. Garuu bokkaan guyyaa 40 fi halkan 40 akka roobu beeku. Boqonnaa 8 keessaa akka ilaalutti bishaan guyyaa 150f lafa irra tureera. Jecha Uma 8:1-2 irra jiru dubbadhu. _____
2. Waaqayyoo Nohii fi bidiricha keessa kan turan yaadate. Waaqayyo ijoollee isaa in jaalata. Isaan oolchuudhaaf bidiricha keessaas baasuudhaaf in dhufe. Kana booda Lakkoofsa kanatti fufanii jiran irratti maaltu ta'e?
   a. Lakk. 1 _____
   b. Lakk. 2 _____
   c. Lakk. 3 _____
   d. Lakk. 4 _____
   e. Lakk. 5 _____
3. Gara dhumaatti bidirichis tullu Araaraati gubbaa in buufate. Achirraa Nohi lafi qooruu isaa maaliin bare? Lakk.6-12 kan jiru dubbisa. _____
_____

4. Lakkoofs 15-16 yeroo ilaallu Waaqayyo Nohiif abboommii kenne. Abboommiin kun maal ture? _____

   _____

5. Nohii fi bidiricha keessa kan jiraniif gara dhumaatti yeroo bidiruu keessaa ba'uutu ga'e. Isa booda kutichi maal jedha?

   _____

Kadhata

Yaa waaWaaqayyo waan na yaaddatteef sin galateeffa dha. Yooman kan birootti kan waa'ee hin baafneef gatii kan hin qabne ta'ee mulladhe iyyuu waan ati na yaaddateef si haa galatu. Akkuma at na yaadatte an immoo arjummaa keetiin warra kaan akkan yaada dhu na gargaarri.

Boqonnaa 4

Itti lixa

Nohi gara dhumaatti bidiruu keessaa in ba'e. Mee isin bakka Nohi of buusaa ti yaada.Iddoo tokko ji'ootaaf teessanii yo gad dhiifamtan waan isin dursitanii gootan maali? Mee waan ta'u yaada. _____

Hojii manaa Uma 8: 20-22 dubbisaa

1. Bidiruu keessaa yammuu ba'e Nohi dursee maal godhe? Lakk. 20 ilaali. _____

Aarsaa Abeelii fi Qaayin gidduu garaa garummaa jiru yeroo qu'anne Aarsaan Waaqayyoon gammachiisu aarsaa dhiigaa akka ta'e namoonni in tilmamu. Akkuma kanatti Nohi horii qe'ee qulqullaa'ta ta'an keessaa fi simbiroota balali'an qulqulloota ta'an keessaa aarsaa Waaqayyoof dhi'eesse.

2. Lakk. 21 irraa deebiin Waaqayyoo maal akka ta'e ilaali ibsi? _____

   _____

3. Lakkoofsa 22 irra kan jiruu kakuu Waaqayyoo sammuu kee keessaa dubbaadhuu ti caafi.

_____

Sammuutti qabachuu

Uma 8:22-23 irra isa jiru sagalee abdii Waaqayyoo qu'achuun gaarii dha. Kanaatiif yeroo fudhadhaati sammuuti qabachuudhaan qu'a dha.

Barumsa

Waaqayyo, Waaqayyo isa borii, beekuu dha. Yaadni cubbuu ilmaan namaa achumaan akka hin hafne beeka. Yo ta'e iyyuu nama immoo deebi'ee akka hin balleessine Nohiif kakuu galeera. Waaqayyo keenya Waaqayyo kakuu eeguu dha.

Hiika Jechootaa

Araraa Waaqayyo yammuu Waaqayyo akka hojii keenyaatti nuuf kennuu yeroo dhiisuu dha. Araara kan jennu Waaqayyo akka cubbuu keenyaatii fi akka daddarbaa keenyaatti kan nuuf ta'u adaba utuu nuuf hin kennin irra darbuu dha. Rome 6:24 dubbisaa. Kutichi waan jedhu ibsaa.

_____

Akkuma dubbifatanitti Araarri kan nuuf ta'e, kan araarri ta'uuf taanee miti. Garu akkasumatti Waaqayyo jaalala isaatiin araara isaa nu ibse.

Hojii irra oolchuu

Araara jecha jedhu hubachuudhaaf mee hundumti keenya fakkeenya tokko haa fudhannu. Nami tokko badii dalagee gara mana murtiitti yoo geeffame baadii dalageef adabi kan ta'uuf yo ta'e, abbaan seeraa badii isaatiif utuu hin adabin yo hanbisee araara godheef jenna. Sababi isaa nami sun akka badii dalageetti adabiin utuu hin kennaminiif akka hojii isaatiitti kan isaaf hin taane argate, Waan ta'eef. Nama kanaaf araaratu godhame jenna.

Waaqayyo akkuma abbaa seeraa kanaa ti. Akka badii dalagineetti adabatu nuuf ta'a. Cubbuu hojjeneerra. Waaqayyo garuu araara isaa nuttu agarsiisuu waan jaalateef adaba nuuf ta'u

hunda dhiisee, bilisa nu baase. Kana sirriitti hubachuun barbaachisaa dha. Sababi isaa mucaa Waaqayyoo ta'uu kan argannee araaraan.

Gara boodaa deebi'aa ti itti yaada.

- Yeroo araara Waaqayyoo argattan dhuguma yeroo araarri Waaqayyo isiniif ta'uu araarri kan isiniif ta'u ta'ee ti? _____

  _____

- Waaqayyo araara isaa kan isiniif gadhe hojii keessaniin imoo arjummaa isaatiin?

  _____

  _____

- Araara akka itti argattan yammuu yaaddan gammachuu isinitti dhaga'ame gara boodaa deebitanii yaadaa ti ibsa. _____

  _____

- Namoonni naannoo keessan jiran hundi araara kana kan hawwanii fi barbaadanii dha. Namoota kanaaf maal gochuu dandeenya? _____

  _____

Kadhata

Yaa Waaqayyo abbaa keenyaa jireenya keenya keessatti araara nun agarsiiftee hundumaaf si galateeffanna. Ilmakee gooftaa keenya kiristoos Yesuusiin, kami iyyuu kan nuuf hin taane yo ta'e iyyuu, araara kee waan nuuf baa'ifteef si galateeffanna. Hojii gaarii gooftaa keenyaa Kiristoosii Yesuuf galatoomi. Araara Nohiif baa'ifte hundaaf si galateeffanna.

Xiinxaluu

Bidiruun Nohi Nohii fi maatii isaa baatee bishaan badiisaa isaan oolcheera. Bidiruun sun utuu hin jiraanne dhuguma iyyuu kan badan turan. Nus har'a itti haa yadnu. Nus har'a yeroo gaa'elli keenya rakkina keessa bu'e, hojiin keenya rakkoo argate, haalonni bifa jijjiiratan akka bidiruu ta'ee baatee kan nu oolche maali?

Har'a nuun akka bidiruu ta'ee balaa jireenya keenyatti dhufu irraa nu eegee haamaa kan nu oolchu jaalala Waaqayyoo ti. Jaalalli isaa hamaa hundumaa irra nu dabarsee amma har'aatti nagaatti nu jiraachiseera.

Keessa deebii

Qu'annaa keenya kana keessatti biyyi lafaa saba ishee wajjin attamitti akka bade ilaalleerra. Bishaan badiisaa kana immoo gara biyya lafaa kan fide cubbuu fi hammeenya garaa ilmaan namoota akka ta'e irratti duddubaneerra.

Achi lafa cubbaadhaan guutamee fi hammeenyaa sabaan qabame gidduu Nohi nami jedhamu qajeelummaatti fuula Waaqayyoo dura deddeebi'aa akka ture argineerra. Waaqayyoon jaalachuun isaa fi qajeelummaatti jiraachuun isaa kun badiisa dhalooticha irratti dhufu jalaa isa baase. Nahi bidiruu hojjetee akka oolu Waaqayyotu gorse. Yeroo inni bidiruutti gales karaa bakkee itti cufe. Bishaan badiisaa erga darbee booda bidiruun tulluu Araaraati irra buufate. Nohis yammuu bidiricha keessaa ba'e dursee Waaqayyoof aarsaa dhi'eesse. Waaqayyos Nohitti waan gammadeef Nohiif sabbata Waaqayyoo mallattoo godhee kakuu galeef.

Hojii manaa

Uma 9:1-7 dubbisaa.

1. Uma 1:28 fi Uma 9:1 yeroo dubbiftan jechoota wal fakkaatan argitu. Tokkummaa kutaalee kanaa dubba dha. _____

   _____
2. Lafa irra kan jiraatan, samii irra kan balali'an fi bishaan keessa kan jiraatan umama umee erga xumuree booda Waaqayyo Uma 1:28 irratti kan inni jedhe barreessi!___

   _____
3. Uma 9:3 irratti Waaqayyo maal jedhe? _____

   _____
4. Uma 1:29 -30 kutaa jiru irratti Waaqayyo nyaata godhee kan inni ilmaan namootaaf kenne maal ture?
   a. Lakk 29 namootaaf_____
   b. Lakk. 30 horiidhaaf_____

5. Umama 9:3 irratti Waaqayyo waantota socha'an hunda nyaata godhee kenneef. Uma 9: 4-5 irratti garuu daangaa ta'e kaa'e.
   a. Uma 2:17 irratti daangaan ka'ae maal ture? _____
   b. Uma 9:4 irratti daangaan ka'ame maali? _____

Kadhata

Yaa Waaqayyoo araara kee fi arjummaa kee umama hundumaa irratti agarsiisaa jirtuuf si haagalatu. Ati Waaqayyo jaalalaa waan taateef umama balleessuu irra araara keetiin eegda. Araara kee isa guddaa fi isaa bara baraa ta'e kanaaf si galateeffanna.

Boqonnaa 5

Barumsa

Waaqayyo abboomii inni Nohiif kenne keessa ifaa kan inni godhe tokko name kami iyyuu foon dhiiga of keessaa qabu akka hin nyaanne kan jedhuu dha. Foon dhiigaa wajjin akka hin nyaanneef kan inni dhowwameef baayyee keenyaaf yeroof ifaa ta'uu dhiisuu danda'a. Yo ta'e iyyuu Macaafa Seera Lewoota keessatti seera Waaqayyo kennee beekuu danda'uun abboommii kana caalaatti akka hubannu nu gargaara. Seera Leewotaa 17: 10-14 dubbisi.

Gilgaala

1. Akka kutaa kanaatti Waaqayyo maaliif dhigaaf gatii kenne? _____
   _____
2. Lakkoofsa 11 irratti dhiigi maal akka nu godhu nutti hima Waaqayyo? _____
   _____

Barumsa

Du'uu fi du'aa ka'uu Kiristoos Yesuus dura namoonni daddaarbaa isaaniitii fi cubbuu isaaniitiif fuula Waaqayyoo duratti dhiiga horii dhiifama cubbuuf dhi'eessu turan. Dhiigi isaan dhangalaasanis dheekkamsa Waaqayyoo akka isaan irratti hin taane godha. Dhiifama cubbuu saba isaatiif Waaqayyo dhiiga horii fudhata ture. Dhiigi cubbuu sabichaa dhoksa ture.

Hiikaa jechootaa

Araaramu (atonement): sabichi sababa balleessaa isaatiif Waaqayyo isaa duratti furee cubbuu dhi'eessa jechuun tokkummaan Sabichaa fi Waaqayyo gidduu ture deebi'ee sirrate jechuu dha. Waanti gidduu galu, cubbuun tokko iyyuu hin jiru, jechuu dha. Furee jechuun sabi cubbuu isaatiif furee dhi'eessee, Waaqayyo isaa wajjin walii galeerra, jechuu dha. Dhiigi horii dhangala'e sun akka aarsaa cubbuu nama irraa fuudhuu fi dha'icha Waaqayyoo nama irraa deebisuutti ilaalama.Yeroo sabichi dhiiga horii dhangalaasee aarsaa isaaf dhi'eessu Waaqayyo saba sanaaf dhiifama cubbuu godha.

Ibiroota 9:22 ilaaluun yaada kana baa'eessa godhee ibsa.

1. Akka Ib 9:22 ti dhiifamuun cubbuu _____ malee hin jiru.
2. Romee 3:25 dhimma kan irratti waan jedhu mee dubbisaa ti huba dha.

Qajeeluu: Waaqayyo cubbuu koo natti hin lakka'u jechuu dha. Abboomamuu diduu kootiin dhekkamsa natti dhufu jalaa ba'eera. Jechuu dha. Faallaan qajeeluu namatti faradamuu dha. Garuu Waaqayyo naan firdiin sitti faradamu hin jiru nan jedheera. Isa wajjin tokkummaan qabu haara'eera jechu dha. Yeuus Kiristoos nama ta'ee gara biyya lafaa kan dhufeef, kan fannifamee fi kan du'eef kan inni du'aa ka'eefis anaaf. Inni Waaqayyo ti na araarseera.

Sammuutti qabachuu

Kutaa kana keessatti luqisii baayyee sammuutti akka qabbataniif in jajjabeefamtu.

a. Lew 17:11 _____
b. Ib 9:22 _____
c. Rom 3:25 _____

Kadhata

Yaa Waaqayyo gooftaa koo waa'ee araara keetiif sin galateeffa dha. Araara kee irraa kan ka'e firdii fi du'a sababi balleessaa fi cubbuu kootiif natti dhufu waan na oolchiteef sin galateeffa dha. Waa'ee ilma kee Kiristoos Yesuusiif hundumaa caalaa sin galateeffa dha. Inni naaf du'ee daddarba koo waan balleesseef eebbifami.

Boqonnaa 8

Itti Lixa

Hamma ammaatti araara Waaqayyo Nohiif godhee qu'achaa turreerra. Waaqayyo Nohiif araara baa'isee bishaan badiisaa akka isa oolche argineerra. Achiraas Nohi Waaqayyof akka aarsaa dhi'eessee fi Waaqayyo immoo akka kakuu galeef qu'anneera. Itti fufee Waaqayyo waan dhiigi keessa jiru akka Nohi hin nyaanne dhowwuu isaa argineerra. Foonni dhiigi keessa jiru maaliif dhowwame jennee yaaduu danda'uutu nurra jira. Qu'annaan kun murteessaa waan ta'eef utuu hin nufin akka qu'attan abdii guutuun qaba.

Waaqayyo foon dhiigi keessa jiru akka hin nyaanne Nohitti ibsee hime. Sababa inni kana abboomeef immoo Uma 9:5 irraa ilaalu dandeenya. Akka kutaa kanaatti foon dhiigi keessa jiru akka hin nyaanne Waaqayyotu dhowwe.

Dhiiga keessa lubbuun jira yaada jedhu kana gadi fageenyaan hubachuuf saba Isiraa'eliif seera lafa onaa keessatti kenname ilaaluun nama gargaara. Sababi isaa Waaqayyo seera kana kan kenneef sabicha balaa irraa eeguu fi sabichis nagaan akka jiraatuuf. Sabichis seera kana eeguun amanamummaa fi abboomamuu inni Waaqayyo isaatiif qabu agarsiisa.

Gilgaala

1. Uma 9:5 sababi inni guddaan Waaqayyo foon dhiiga of keessa qabu hin nyaatin Nohiin jedheef dhiiga keessa lubbuutu jira jira jechuu dha.Ba'uu 21:28-32 irratti dhimma kana ilaalchisee ibsa kenname hubachiisi ibsi._____
   _____
   Uma 9:5-6 dubbisiiti waan waanWaaqayyo namoota irraa barbaadu ibsi. _____
   _____

Akka kutaa kanaatti lubbuun kan Waaqayyoo ti. Kennuu fi fudhachuun kan Waaqayyoo ti**.** Yaadadhu eebbi Waaqayyoo hojii uumuu keessatti namoonni akka isaa wajjin ta'anii dha. Akka isaan baayyatanii lafa guutan barbaada, malee akka isaan wal ajjeesan miti. Wal ajjeessuun eeba Waaqayyo miti.

Xiinxaluu

Kutaaleen Macaafa Qulqulluu tokko tokko rakkisoo ta'anii hubachuuf nama rakkisuu danda'a. Kutaalee akkasii kana hubachuuf eeggannoon qu'achuun gaarii dha. Yammuu qu'annus yaadannoo qabachuudhaan kuticha irratti yaadaa fi gaaffii qabnu galmeeffachaa deemuun baayyee nama gargaarra. Beekumsa haarrawwan arganne dhiibbaa hammamii akka nu irratti uumu? nu jeequu? Maal si godhan _____

_____

Gaaffii kanaaf yeroo fudhadhu. 1. Waaqayyo maal jedha? 2. Dhugumu waan Waaqayyo jedhu isaa inni jechuu barbaadee dha?

1. Karaa kami biyyi lafaa kun deebii sagalee Waaqayyoof abboomamuu calaqisisa? ___

   _____

2. Karaa kamiin biyyi lafaa kun Sagalee Waaqayyoof abboomamuu diduu calaqisisa? __

   _____

3. Akkaataan sagalee Waaqayyoof deebii kennuu nu jiraannu isa nu'i giddu galeessa jireenya keenyaa akka ta'uuf murteeffanne calaqisiisa.
   a. Jireenyi koo maal calaqisiisa? _____ _____
   b. Jireenyi hiriyoota koo ti maal calaqisiisa? _____
   c. Addunyaan kun maal calaqisiisa? _____

Kadhata

Yaa Waaqayyo addunyaan keenya namoota siif abboomamuu hin barbaadneen guutamtee ti. Sagalee kee dgaga'uu fi aboomamuu namoonni jibbaniiru. Bara kanaa fi haala kana keessatti si dhaga'uu fi jireenya koo keessatti sin calaqisiisuu akkan danda'u maaloo nagargaari.

Barumsa

Waaqayyo nama akka bifa isaatii fi fakkeenya isaatti uumeera. Kanas Uma 1:26 irratti argineerra. Nami garu erga cubbuutti kufe boodajireenya isaa keessatti bifaa fi fakkeenya Waaqayyoo argisiisuu hin dandeenye.Uma 4:10 irratti akkuma arginu dhiigi Abeel gara kootti iyya jedhe Waaqayyo.Waanti name hojjetu hundi fuula isaatti mul'ataa dha. Uma 9:6 dubbisii waan kutichu jedhu barreessi. _____

_____

Gaaffii hojii irra oolchuu

Macaafa Qulqulluun kan jedhu name hundummti akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti uumame jedha. Kan jechuun hundumti keenya akka bifa Waaqayyootti uumamne jechuu dha. Gaaffileen armaa gaditti tarreeffaman barumsa kana guyyaa hundumaa attamitti jireenya keenhya keessatti akka calaqisiifinuu kan nu agarsiisanii dha.

1. Nami hundumti akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti uumame yeroo jedhu hiikaa attamii jireenya keessaniifkenna? _____
   _____
2. Bifaa fi fakkeenyi Waaqayyoo nama irra jiru, yoo name Waaqayyoof abboomamuu dide baduu in danda'a? _____
   _____
3. Akka nama bifaa fi fakkaatti Waaqayyootti uumameetti iddoo nu'I off keenyaaf qabnu attam ta'uu qaba? _____
   _____
4. Namoonni biroon bifa Waaqayyoon uumamuu isaanii irraa kan ka'e nu'I iddoo attamii fi ulfina attamii kennuufiitu nuuf ta'a? _____
   _____

Gaaffileen kun gaaffilee hamma ammaatti kaafne hundurraa cimuu danda'u. Haa ta'u malee namo hundi bifaa fi fakkaattii Waaqayyoo ti umaman waan ta'eef iddoo fi ulfina keennuufiitu nuuf ta'a.

Kadhata

Yaa Waaqayyo jireenyan hamma ammaatti jiraadhe namoota akka bifa keetii fi fakkeenya keetti uumaman utuu hin ulfeessin, waa'ee ofii koo qophaa yaadaa jiraadheera, dhiifama naaf godhi. Kana booda tokkummaan namootaa wajjin qabu siin yaadachuudhaan, akka bifa keetii fi fakkeenya keetti akka uumaman amaanuudhaan, isaaniin kabajuu dhaa fi jaalachuun akkan deddeebi'u na gargaaarri.

Boqonnaa 7

Barumsa

Waaqayyo Nohiif yaada isaa hireefii ture. Kana booda immoo isaaf kakuu galeeraaf. Haasaa kana Uma 6:18 irraa argina. Dubbisa.

Hiika jechootaa

Kakuu kakuun garee lama gidduutti walii galtee ta'uu dha. Kakuun sunis kan jabaatu hamma gareen lachannuu waan irratti walii galan eeganitti. Kakuun yeroo baayyee afeerraa garee tokkootiin ta'a.

Gilgaala.

1. Kakuun yoodhuma walii galtee garee lama gidduutti ta'uu fi kan inni jabaatee dhaabatus hamma gareen lachuu waan irratti walii galan ta'e iyyuu Waaqayyo garuu nama tokkoof waan tokko iyyuu utuu irraa hin barbaadin kakuu galee ture. Maqaa nama kanaa eenyu jedhama? Uma 9:9-10 dubbisaa
   a. _____
   b. _____
   c. _____
2. Uma 9:9-10 keessa kakuun jiru Nohii fi sanyii isaa akkasumas umama hunda kan walitti qabate ture. Kakuu baayyee bal'aa dha.Maaliif kakuu kana kakuu dhugaa goonee kan fudhanuuf? _____
   _____
3. Nohi bidiruu keessaa erga ba'ee booda Waaqayyoof aarsaa dhi'eessee ture. Waaqayyo aarsaa Nohitti gammadee simateera. Kana booda Waaqayyoo kakuu Nohiif gale keessatti "deebi'ee hin ta'u?" jedhee kan kakuu gale ala meeqa? ___
   _____
4. Waaqayyo kakuu Nohiif galeef mallattoo godhee kan inni kenne Maali? _____
   _____
5. Waaqayyo kakuu Nohiif gale keessatti mallattoo godhee kan inni kenne Sabbata Waaqayyoo ti. Nus har'a yammuu Sabbata Waaqayyoo arginu araara Waaqayyoo

yaaduutu nuuf ta'a. Isin garuu Sabbata Waaqayyoo yammuu argitan maal yaaddu?__
_____

6. Bokkaan roobuuf yeruu shiifu Sabbata Waaqayyoo ilaaluun baayyee nama gammachiisa. Gammachuu keenya irra dabarree waa'ee araara Waaqayyoo maal yaadutu nuuf ta'a? _____
_____
7. Lakkoofsa 18 irratti Waaqayyo irra deddeebi'ee waan inni dubbate maali? _____
_____

Hojii irra oolchuu

Waaqayyo deebi'ee bishaan badiisaan akka biyya lafaa hin balleessina kakuu nuu galeera.

1. Kakuun kun nuuf har'a hiikaa maalii qaba? _____
_____
2. Waaqayyo waan kakuu gale in raawwata jedhee amanuun kana irra jiru maaliif? ___
_____
3. Sabbata Waaqayyoo yammuun argu Waaqayyo deebi'ee bishaan badiisaan akka nama hin balleessine amanuutu narra jira ta'a?
_____
_____
4. Har'as an waanan kakuu gale hunda raawwachuuf bifaa fi fakkii Waaqayyoo ittiin na uume nan calaqisisa? _____
_____

Kadhata

Yaa Waaqayyo ati biyya lafaa deebtee bishaaniin akka hin balleessine kakuu galte. Kakuu kees eedde hamma har'aatti kunii biyyi lafaa bishaaniin hin badne galanni siif haa ta'u. Kakuu keetiif amanamaa waan taateef si amanna. Nus immoo akka bifa keetii fi fakkeenya keetti kan uumane umamnikee kakuu keenya eeguudhaan amala kee calaqisiisuu akka dandeenyuuf nu gargaarri.

Yaada gudunfaa

Lakkoofsa 17 irratti Waaqayyo kanan jabeessuu sagaleen koo kana jedhe. Nohi waan tokko iyyuu akka godhu Waaqayyo isa irraa hin eegine. Waaqayyo qophaa isaa eegduu kakuu isaatii ta'e. Kakuu gale kanaan Waaqayyo deebisee bishaan badiisaan biyya lafaa hin ballessu jedhe. Kakuu isaa waan eegeef deebi'ee hin balleessine. Yeroo sanaa eegalee ilmaan namootaaf safara kan hin qabne araara isaa fi arjummaa isaa nutti agarsise.

Barumsa 5

Nohii hamma Abraamitti

Seera Umamaa 9:18-Seera Umamaa 11

Itti Lixa

Salphina Nohii fi abaramuu Kaam

Hidda dhaloota Nohi

Hidda dhaloota nama tokkoo

Ginbii Babiloon

Gatii Cubbuu

Waanta Waaqayyo barbaade

Seemii hamma Abraamitti

Itti Lixa

Umamni Waaqayyo ume hundi bishaan badiisaan haramee bade. Kan o'ee fi bidiruudhaan kan oolche ala tokko iyyuu kan hafe hin jiru. Kun uamama lammafaa fi jalqaba ta'e. Nohiis erga lafa qoore booda bidiruu keessaa ba'ee aarsaa Waaqayyoof dhi'eesse. Waaqayyos Nohiin akkuma eebba Addaamii fi Hewwaniin eebbisee isa eebise. "Horaa, baayya dha ,lafas guuta…" Kana booda biyyaa lafaa deebii'ee akka hin balleessineef Nohiif kakuu gale. Mallattoo kakuu isaas Sabbata Waaqayyoo ka'e. Yooma Waaqayyoo biyya lafaa deebi'ee bishaan badiisaan akka hin balleesine kakate iyyuu, balleessaa fi cubbuun ilmaan namootaa qooda hi'achuu itti dabalaa deeme.

Utuma hin turin cubbuun utuu mul'atuu argina. Amma oftullummaan mana Nohi keessaa mul'ate. Yeroo Waaqayyo bishaan badiisaan biyya lafaa balleesse, kan argan maatiin Nohi gatii cubbuun nama kafalchiisuu hubachuun hammeenya irraa fagaatu jedhamee yaadama. Garuu faallaa isa kanaa ta'e. Sababi isaa kufaatii cubbuu booda amalli namaa gara hammeenyaa fi cubbuu hojjechuu ta'eera. Seexanni bishaan badiisaan waan hin badiniif amma iyyuu nama qoruu fi gara hojii hamaatti nama harkisuu isaa hin dhifne. Akkuma sanatti immoo araarrii fi arjummaan Waaqayyo ijoollee isaa irratti baayyatee ture.

Ergasi booda bar darbee ijoolleen Nohi biyya lafaa irratti tamsa'an. Uma. 10 irratti hidda dhaloota isaanii ilaalla. Tarreefama maqaa namaa waan ta'eef yeroo baayyee hidda dhalootaa namootaa qu'achuun barbaachisaa ta'ee nuttu hin argamu. Garuu Waaqayyo sagalee isaa dhaloota keessatti raawwata waan ta'eef hiddi dhaloota isaaf ibsa amanamummaa ti. Ua 11:10 irratti Abraam bira yeroo geenyu lakkofsi hidda dhalootaa kun hin hafa.

Abraam bira utuu hin ga'in seenaa riqicha Baabiloon argina. Achittis afaan ilmaan namootaa akka wal makate argina. Iddoo Shiinaar jedhamu bakkee dirree namoonni dhaqanii akka qubatan argina. Iddoon kun har'a iddoo nu'i Iraaq jennee waamnuu dha. Iddoo kanatti namoonni walitti qabamnii maqaa godhachuu barbaadan. Maqaa isaanii qophaaf jiraachuu yaadan. Waaqayyo hammeenya garaa isaanii argee waaqa irraa gad bu'e. Afaan isaanis waliin make. Kana booda namoonni biyya lafaa guutummaa irratti faca'an.

Nu'i har'a qu'annaa kana keessatti nu dursanii kan turan abboota keenya argina. Kufaatii fi ka'uu isaanii irraa barumsa arganna. Kana booda immoo nu booda dhaloota ka'u ilaalla. Nu'ii dhiibbaa gaarii umuudhaaf waamamneerra. Waaqayyo kan nuuf kenne maatii, fira, hiriyaa fi hawaasa keessatti araaraa fi arjummaa Waaqayyootti hirkannee dhiibbaa gaarii uumuutu nurra jira.

Boqonnaa 1

Itti Lixa

Amma waa'ee seenaa Nohii fi waa'ee bishaan badiisaa dhiifnee qu'annaa haaraatti galuuf jenna. Garuu utuu hin darbin waa'ee ijoollee Nohi waan garaatti qabachuun nuuf ta'u jira. Uma 9:18-19 dubbisuudhaan waa'ee ijoollee Nohi qu'anna.

1. Ijoolleen Nohi kun maqaan isaanii eenyu fa'i?
   a. _____
   b. _____
   c. _____
2. Kuticha keessatti waa'ee Kaam waanti addaa maaltu jira? _____
   _____
3. Lakkofsi 19 waa'ee ijoollee sadanii maal nuun jedha? _____
   _____
   kuticha itti fuftanii yeroo dubbifattan waa'ee ijoollee kana ragoolee baayyee argattu. Yeroodhaaf garuu lakkofsa 19 irratti xiyyeeffannaa haa goonu.

Hojii manaa

Uma 9: 20-28 dubbisi

Gilgaala

1. Lakkofsa 20 irratti Nohi maal ta'uu isaa argina?
   a. _____
   b. _____

Taateen kun bishaan badiisaa akkuma ta'een akka hin ta'in hubanna. Sababi isaa muki Wayinii guddatee ija godhachuudhaaf bara dheeraa waan turuuf. Ija godhachuuf yeroo fudhata.

2. Lakkofsa 21 irratti Nohi _____macha'ee akka rafe argina. Qulla'aa guutummaa qaama isaatii haata'u uffate irra galgalee rafee jiraachuu isaa hin beeknu. Mee waan kutichi jedhu haa ilaallu.
    a. Lakkofsa 22 irraa Nohiin dursee kan arge eenyuu dha? _____
    b. Maalis arge? _____
    c. Maal godhe? _____
3. Kuticha keessatti Kaam abbaa isaatiif waan tokko iyyuu hin goone. Garuu, abbaan isaa, Nohi waan jibbisiisaa keessa akka ture in argina. Inni deemee obbolaa isaatti hime.
    a. Lakkofsa 23 irra akka jirutti Seemii fi Yaafetti maal godhan? _____
    _____
    b. Qullaa abbaa isaanii dhoksuuf yaalii baayyee godhaniiruu ti caqasi.
    _____
    c. Nohi yammuu machii keessaa dammaqe waan ilmi isaa Kaam godhe bare. Garuu inni maal godhe? _____
    d. Qullaa abbaa isaati hin dhoksine waan ta'eef Nohi Kaamiin in abaare. Abaarsi kun lakk. 25 irratti maqaa dha'ameeraa barreessi. _____
    e. Nohi Yaafeetii fi Seem waan isaan godhaniif in eebise. Eebbi kun lakk. 26-27 irra jiraa barreessa.
        Eebba Seem _____
        Eebba Yaafeet _____

Hojii irra oolchuu

Kaam abbaa isaa Nohiin nama sagalee kakuu Waaqayyoo, araaraa fi eegumsa isaa keessa jiru salphiseera waan ta'eef abaarsatu eeggate. Mucaan bishaan badiisaa keessaa Waaqayyo oolche kun deebi'ee attamitti waan jibbisiisaa keessa akka gale tilmaamuun rakkisaa dha. Kaam abbaa ofii kabajuu dhiisuun, abbaarsa dhufu fudhachuun dirqama itti ta'e. Bara kanas

abbaa fi haadha kabajuu dhiisuun dhukkuba guddaa ta'aa jira. Namoonni abbaa fi haadha salphisuun baayyachaa jira. Kun garuu sirrii miti.

1. Mee gara boodaa deebi'aati nama abbaa isaa, haadha isaa fi angafoota isaa hin kabajine haala inni keessa ture fi yeroo isaa yaada.

a. Sababi isaa maal ture? _____

b. Firiin isaa maal ta'e _____

2. Namoonni haala sodaachisaa keessa utuu jiranii gargaaruu dhiifnee namoota biraatti hammachuudhaaf fiignee beekna? Gargaaruu utuu dandeenyu dhiifneerraa?

   _____

3. Nama tokko kufaatii keessatti argitanii gargaaruuf saganteeffattanii sochootanii beektuu? Mee seenaa isaa nu hiraa? _____

   _____

Kadhata

Yaa Waaqayyo yeroo baayyee namoota dadhabinaa fi kufaatii keessa jiran gargaaruu fi deggeruu dhiisee dadhabina isaanii odeessuutu naa qajeela. Dadhabina namaa odeessuu fi hamachuu malee daggeruu hin jaalladhu. Kun immoo amala gaarii miti. Amma qalbiin diddiiradhaati dhiifama naaf godhi. Kana booda ayyaanan ittiin warra kaan gargaaruu danda'u naaf kenni.

Boqonnaa 2

Itti Lixa

Uma 10. waa'ee hidda dhaloota ijoollee Nohi dubbata. Akkuma Seera Umamaa keessatti ilaalle waan ajaayibsiisaa kana Macaafa Seenaa Baraa isa duraa boqonnaa tokko keessatti barreefamee argina. Macaafa Seenaa baraa akkuma seera uumamaa ilaalletti ilaaluun baayyee gaarii dha. Kutaan kun waanti inni agarsiisu bishaan badiisaa booda qarominni eessatti akka eegalee dha. Seerri Umamaa 9:19 kan jedhu " Isaan kun sadi…" Isaan eenyu fa'i?_____

_____

Gilgaala

1. Mee dursinee Yaafet ilma Nohi isa hangafa haa ilaallu. Uma 10:1-5
   a. Yaafet Ilmaan meeqa qaba ture? (lakk. 2)_____
   b. Lakk. 3 fi 4 irratti ijoollee isaa lamaaniif xiyyeeffannaan kenname. Isaanis

      _____ _____
   c. Dhugaan ajayibsiisaan lakk. 3 irra jiru maali? _____

As irratti waa'ee jireenya maatii Yaafet ilaaluun gaarii dha. Maatiin kun gara dhihaatti, Asiyaa xinnootti kunis akka har'aatti, Turkii fi Awurooppaatti, godaanan.

2. Lakk. 6-20 irratti waa'ee ijoollee Kam dubbata. Isaan kun gara biyya har'a Isiraa'el, Afrikaa Kaabaa fi gara Gibxi ti godaanan.
   a. Kaam ijoollee meeqa qaba ture? Lakk. 6

      _____
   b. Kuush ijoollee 5 qaba ture. Mucaan isaa tokkos Lakk. 8 irratti maqaa dha'meera.

      I. Maqaan isaa eenyu? _____

      II. Ragaa dabalataa addaa lakk. 8 irraa argannu maali?

      _____

      III. Innii lolaa jabaa qophaa hin turre, kan biraa maal ture?

      _____

Barumsa

Lakk. 10-12 waa'ee guddina mootummaa Naamrudin dubbata. Baabiloon (lak 10), Naannawee fi Asor (Lakk.11) akkasumas Reesen Lakk. 12 irratti mul'ateera.Motummoon kun seenaa warra Isiraa'el irratti dhiibbaa guddaa kan geggeessanii dha. Baabiloon, Mootummaan Kibbaa, Yihudaa boojite. Asor immoo mootummaa kaabaa, Isiraa'eliin boojite. Isiraa'eloonni bara dheeraadhaaf akkaa booji'amtootaatti jiraatan. Naannaween magaalaa Maanrudiin ijaaramte dha.

1. Macaafi Raajicha Yoonaas, akka seenaa nutti himutti, raajiin Waaqayyoo cimaan gara Naannawee akka ergamee dha. Caalatti hubachuudhaaf qu'annoo gara fuula duraatti gonnu keessatti ilaalla.
2. Maqaan kan biraan seenaa Isiraa'el keessatti carraa guddaa xabatu;

a. Filisxeemota: isaan kunhamma mooticha Daawititti diinaa Isiraa'el tu'anii itti fufanii turan
b. Lakk. 15-18 kutaa jiru keessatti kan arginu waa'ee warri Kana'an biyyicha keessa bufachuu yeroo ta'u, Waaqayyo biyyicha akka saba Isiraa'eliif kennuu dha. Isiraa'elonni biyyatti yammuu weeraruu dhufan diinni bayyeen itti ba'anii turan. Diinota kana keessaa; Yebuusota, Amoorota, fi kan biroon turaniiru. Isaan kun immoo Nohi kan isaan abaare ilmaan Kaam dha.
c. Gosoonni warra Kaana'aan kan fafaca'ee dha. Kana caalaatti hubachuudhaaf kaartaa M/qulqulluu keessaa ilaalla. Kaartaa kana irra wayyu yo argattan magaalota kanaa gadi jirani fi bulchiisa isaanitti mallattoo godhaa.
    1. Sidon: naannoo daarii Kaaba galaana Medetereyaanii
    2. Gaazaa: Naannoo daarii Kibba galaana Medetereyaanii
    3. Sodomii fi Gomoraa: daarii naannoo Baha galaana ciisaa
    4. Filisxen: biyya filisxeemotaa

Ragoolee kan kana ga'umsaan yeroo qabaannu seenaan Isiraa'el eessatti akka eegale hubanna.

Gaaffii

3. Lakk. 21-31 waa'ee ijoollee Seem dubbata. Kanaatiif M/qulqulluun waa'ee seenaa Seem gaarii godhee ibsa. Kanaatiif hiddi dhaloota kanaa akkuma Abraam, Yisaaq, Ya'iqob, Yoseef, mooticha Daawit fi moticha Solomooni dha. Akka M/qulqulluun nutti himutti hiddi dhaloota Seem, ilma Nohi is giddu galeessa, Kibba Baha Mesepotamiyaa; har'a gala galaana Faaris (Persian gulf) kan jedhamutti godaanan.

a. Seem ijoollee meeqa qaba?(Lakk. 22) _____
b. 1sen 1:24-27 ilaaliiti dhaloota Seemii fi Abraam gidduu jiran barreessi.

Seem	
	Abraam

c. Uma 10 irratti maqaalee jiran keessaa maqoota adda baaftan hunda adda baasaatti jala mura.

Yaadannoo Namoonni baayyeen yeroo hidda dhaloota Uma 10-11 argan hiddi dhaloota kun hundi M/qulaulluu keessaa maal dhimma baasa jedhanii ajayibsiifatu. Kana qu'annee maal irraa arganna jedhanii gaafatu. Dhugaan isaa garuu barbaachisoo ta'uu isaanii ti. Waaqayyo attamitti kakuu isaa eegee sanyii Nohi akka baa'isee fi arjummaa isaa attamitti akka isaaniif baa'isee ibse argina.

Boqonnaa 3

Hojiirra oolchuu

Hidda dhaloota keessanii lakkoftanii beektu ta'ee hin beeku. Hiddi dhalootaa namoota baayyeef barbaachisaa ta'uu isaa yaaduu qabdu. Hiddi dhaloota keessanii eenyummaa keessan kan ibsuu fi seenaa keessan duraanii ti. Hidda dhaloota keessanii beekuun baayyee barbaachisaa dha. Isinumtu hamma ammaatti kan keessa baatanii dhuftan hidda dhaloota keessanii lakka'uu yaala. Isin duraa jiraatanii kan darbanii fi as ga'uu keessaniif iddoo kan qaban namoota yaada. Kana booda waa'ee isaaniitiif Waaqayyoon galateeffa dha.

Kadhata _____

_____

_____

_____

_____

Hojii irra oolchuu

Amma immii hidda dhalootaa kan biraa haa ilaallu. Jireenya hafuuraa keenyaaf dursanii akka warraa ta'anii kan nu guddisan eenyafaa akka ta'an yeroo muraasaaf yaada. Hidda dhalootaa Hafuuraa keenya lakka'uu yoo dandeenye mee haa ilaallu. Dura Wangeela warra keenyaan kan gba'an eenyu fa'i? Nuuti immoo Wangeela dhugaa kan ba'an eenyufaa haa ta'an? amma immoo isaaniin yaadaa Waaqayyoon haa galateeffannu.

Boqonnaa 4

Itti Lixa

Kana booda gara seenaa Abraam utuu hin dhaqin fuula dura seenaa tokko qu'aachuutu nurraa eegama. Seenichi kan argamu Uma 11:1-9 ti. Iddoo kanatti waan ijoolleen Kam hojjetan haa ilaallu.

Hojii manaa Uma 11: 1-9 dubbisi.

Hojii manaa

1. Kutaa kana keessatti waan lakk. 1 jedhu barreessa. _____
   _____
2. Lakk. 3 irratti maal goona jedhan? _____
   _____
3. Lakk. 3 irratti meeshaaleen isaan gargaaraman maal fa'i? _____
   _____
4. Lakk. 4 namoonni sun maal jedhan? _____
   _____

Gaaffilee hubannoo

1. Namoonni Shinaaritti wal ga'an riqicha hojjechuun isaanii maal badii qaba? badiin yo jiraate tarreessi.
   _____
   _____
2. Bara kana waanti kana fakkaatu in hojjetama? _____
   _____
3. Meeshaalee jabanaa fayyadamanii magaalaa riqaan isaa bantii waaqaa ga'u ijaaruun badii qabaa? _____
   _____
4. Lakk.5 dubbisiiti waan rakkoo ta'e argasiisi? _____
   _____

Gilgaala

1. Magaalaa namoonni ijaaran ilaalluuf Waaqayyo gad bu'e jedhee lakk. 6 irratti maal murteesse jedha? _____
   _____
2. Kana booda akkas jedhe _____
   _____.

Barumsa

Baras namoonni turan hundi afaan tokko kan dubbatan ta'uun isaanii fi walii galuu danda'uun isaanii maaliif isaan kakaasee ture?

1. Lakk. 3 fi 4 irratti kan isaan waliin jedhan maqaa dha'i?
   _____
2. Namoonni sun biyya lafaa irra faca'uu fi biyya lafaa guutuu hin barbaadne ture. Qooda kanaa mataa isaaniitiif magaalaa ijaaranii jiraachuu filatan. Magaalaa mataa isaanii keessaa bashanananii jiraachuu filatan. Ofii isaanii giddu gala biyyaa godhachuu barbaadan.
3. Namoonni riqicha Samii ga'u ijaaranuuf yaadanii socho'an. Riqicha Samiin ga'anii maqaa isaanii ittiin waamisifachuu barbaadan. Hojiin isaanii kun har'a nu gammachiisu danda'a ta'a. Garuu Samii kan ga'u yeroo jedhan, Waaqayyo immoo gadi buuna yeroo jedhu maal isin agarsiisa? _____
   _____
4. Namoonni sun maqaa ofii isaanii waamsifachuuf yaaluu fi maqaa ofii isaanii kaawwachuu yaaluun kutaa kana keessatti ifee jira. Afaan tokko qabaachuun isaanii immoo karoora ijaarsa isaanii fiixaan baafachuuf deggersa ta'eefii ture.
5. Lakk. 7 Waaqayyo waaqa irraa bu'ee afaan isaanii _____ kana irraa kan ka'e walii galanii ijaaruu hin dandeenye. Sababi isaa namoonni ijaarsicha irratti bobba'an tokko yammuu garduumii gaafatu inni tokko immoo mismaara itti kenna waan tureef.
6. Namoonni kun riqicha kan ijaaran faffaca'uu fi biyya lafaa guutuu waan hin barbaadneef ture. Bu'aan dadhabbi isaanii faallaa isa isaan barbaadanii ta'e. Firii dadhabbii isaanii maal akka ta'e tarreessi? _____
   _____

Xiinxaluu

Iddoo kanatti irra deebinee kan nuti ilaallu ammalee gatii cubbuu ti. Gatii cubbuu iddoo kanatti mul'ate mee tasgabboofnee haa ilaallu.

1. Uma. 3 keessatti cubbuun namaa fi Waaqayyo gidduutti garaa garummaa ume. Akkasumas abbaa manaa fi haadha manaa gidduutti garaa garummaa godhe.
2. Akkasumas Uma 3. keessatti sababa cubbuu irraa kan ka'e biyyi lafaa akka abaaramte argina. Lafi ilmaan namootaaf nyaata kan biqilchitu turte.
3. Cubbuun maatii gidduuttis jibbaa fi garaa garummaa uumeera. Abeel obboleessaa isaa Qaayiiniin ajjeefame. Kanas Uma. 4 keessatti argina.
4. Ammas cubbuun afaan namaa utuu gargar baasuu argina. Biyyi lafaa namaan guutamuu waan qabduuf , Waaqayyo ilmaan namootaa biyya lafaa irra facaase.

Wabiilee	Waan Waaqayyo barbaadu
Uma 1:22	
Uma 1:27	
Uma 9:1	
Uma 9:19	
Uma 10:32	
Uma 11:8-9	
Uma 11:4	

Hojii irra oolchuu

Afaan garaa garaa attamitti akka eegalan yaaddee beektaa? Afaan tokko warri dubbanu iyyuu yeroo tokko tokko wal hubachuun in rakkisa. Haasaa keessatti jecha dogogoraa fayyadamuun dhaggeeffataa mufachiisa. Jechoota fakkeenyaa fayyadamuunis imtakka takka dhaggeeffataa biratti hanqina hubannaa uumuu danda'a. Adaa fi eenyummaan sabummaanis afaan waliin maka.

Kakuu Haaraa keessatti Wangeelaa Yohhannis boqonnaa 1 irratti Yesuusiin "Sagalee" jedha. Sagalee quunnamtii Waaqayyo ti. Sagalee Waaqayyo ittiin namaa wajjin tokkummaa uumu akka ta'etti ibsa. Inni immoo ayyaanaa fi dhugaa (Yoh 1:14) nu ibsa. Yoodhuma biyya lafaa cubbuudhaan faalamte keessa jiraanne illee, keenyan cubbuu kana diiguudhaaf, akkasumas namoota addaa addaa; gurraacha, adii, dhiira, dhalaa, sooressa hiyyeessa, beekaa, wallaalaa namoota afaan addaa addaa dubbatan fi Waaqayyo gidduutti, nageenya buusuudhaaf dhufe.

Yoom nama tokko wajjin dubbachuun cimaa kan ta'u?

1. Rakkoo kan uumu maali? _____
2. Rakkoon kun attamitti hiikama? _____
3. Walii galtee uumuudhaaf yaalii nu'i goonu utuu fiixaan hin ba'in hin hafa ta'a. Wal dhabdee uumame hambisuu kan dandeenyu yammuu cubbuu keenyatti qalbii diddiirranuu, dadhabna keenyas beeknee fudhannuu dha. Rakkoo akkasii furuudhaaf karaan fayyadamte maali? _____

   _____

Kadhata

Wal dhabdee namootaa fi Waaqayyoo wajjin si mudate fuula Waaqayyoo duratti yeroo fudhuu ti dadhabina keetti akka si gargaaruuf kadhadhu. Karaa Yesuus Kiristoos sagalee jaalalaa inni si ibse “Sagaleen foon uffate” isa jedhuuf (Yoh 1:14) galateeffa dha.

Boqonnaa 5

Itti Lixa

Uma 11:10-32 irratti hidda dhalootaa tarreefaman, dhaloota itti aanuuf bu’uura kan ka’uu dha. Addaamiin Nohii wajjin kan wal agarsiisu hidda dhalootaa kanaan dura ilaalleerra. Seem mucaa Nohi akka ta’e in beekna. Seem immoo Abraamii wajjin hidda dhalootaan akka wal argu beekuun baayyee gargaara. Abraam nama Waaqayyo biyya lafaaf abbaa akka ta’uuf waamee dha.

Gilgaala

Maqaa	umurii	Maqaa	umurii
Seem	500		
Arfaaksaadin			
		Abraam, Naahoor, Kaaraan	

Waan hubachuun nurra jiru….

1. Hidda dhaloota Addaamii hamma Nohitti jiruttii umurii guddaa hubadhu.
2. Maqaaleen Seemii hamma Felegitti jiran Uma 10:21-25 irratti tarreefamaniiru. Lakk. 25 irratti kan maqaa dha’ame ii hamma Felegitti garaa garummaa maqaa jiraniif sababi maal ta’uu danda’a?

Barumsa

1. Seenaan taarreefama maatii Taaraan, abbaan , Naahoor fi Kaaraan, ka’ameera.

a. Lakka 27. Haaraan abbaa _____ ti.
b. Looxi _____ dha.
c. Taaraanii fi ijoolleen isaa biyyi isaan jiraatan_____ dha.
d. Lakk 28. Abbaan Looxi Ilmi Taaraa kan du'e _____
e. Abraam_____fudhe, akkasumas Naahoor _____ fudhe.
f. Miilkaan Noohoorii waajin firoomi isheen qabdu maal ture? _____ _____.
g. Lakk 30 irratti waa'ee Saaraa, haadha manaa maal barra? _____ _____.

2. Maatiin Taaraa horsiifatee bulaa waan ta'eef yeroo hundaa iddoo dha iddootti socho'u. Taaraan itti gaafatamaa maatii yookin gosaa waan tureef yeroo fi iddoo itti socha'an in murteessa ture.
   a. _____ ti ba'an.. Lakk. 32
   b. Gara biyya _____ ti qajeelan. Jechi kun immoo jecha beeknuu dha. Hidda dhaloota kaaraan _____ jedhama?
   c. Taaraan eenyuunfaa of duukaa fudhate? Lakk. 31._____ _____
   d. Utuu kaana'aan hin ga'in biyya _____ bufatan.
   e. Lakk. 32 irratti iddoon Taaraan itti du'e maqaa dha'ameera. Inni waggaa _____ du'e.

Hojii irra oolchuu

Biyya kee keessatti jireenyaaf iddoo tokko gara iddoo biraatti deemtee beektaa? Tarii baayyee fagoo ta'uu haa dhiisu malee muuxannoon iddoo dhaa gara iddootti socho'uu qabda ta'a. Mee muuxannoo qabdu yaadadhu.Tarii deemsa keetiif waan si barbaachisu utuu hinqabaatin mi'a kee fudhadhuuti ka'i jedhamteetta ta'a.

Jijjiirami amaluma isaatiin tasgaba'uu fiduu dhiisuu danda'a. Nu'i bu'aa jijjiiramaa yoo barbaadine iyyuu gara itti gala jijjiiramichaatti deemsa goonu irratti waantonni rakkisoo baayyeen nu irra ga'uu danda'u. Rakkoo ta'an yaaduudhaan jijjiiramicha in mormina ta'a.

Miiraa ii fi Saaraa hubachuu yo dadhabne iyyuu, Taaraanii wajjin ta'anii fuula isaanii duratti waanta itti dhufu utuu hin beekin adeemsa isaanii gara biyya Kaana'antti qajeelfatan.

1. Mee adeemsa jireenya kee keessatti goote ilaalchisii yaada kenni. Adeemsa kee keessatti waan hin irraan fatamne , rakkisoon, si irra ga'an, maal fa'i? _____
   _____
2. Akka ati deemtuuf kan murteesse eenyu? _____
3. Namoonni si wajjin deeman eenyu fa'i _____
4. Gara iddoo yaaddee geessetta immoo giddiitti yaadakee jijjirte? _____

Kadhata

Yaa Waaqayyo gooftaa keenyaa, yeroo tokko tokko, iddoo nu'i tilmamuu illee hin dandeenye, akka nu'i dhaqnuuf nu waamta. waamichakee fudhatee gara ati itti ergite waan dhaqeef inni, matiin isaa, sanyiin sanyii isaa hundi eebba ilaalchaa fi eegumsakee keessa jiru eebbifamaniiru. Kanaatiif anaanis….

Yaada gudunfaa

Qu'annaa keenya yeroo itti fufnu akeeka Waaqayyo iif qabu baranna. kan inni yaadee ala yo ta'ellee, Waaqayyoon amanachuun, adeemsa isaa amantiin godhate. Akka horsiifatee bulummaa isaatti hadha manaa isaa, abbaa isaa fi ilma obboleessa isaa wajjin gara biyya hin beekneetti deeme. Hundumtu biyya beekan dhiisanii gara biyya haaraatti deemsa isaanii itti fufan. Qu'annaa kutaa kanaa yeroo xumurru, kara deemtonni kun deemsa haaraadhaaf utuu ka'anii, irraa adda ba'uf jenna. Waaqayyo akeeki inn ilmaan namootaaf qabu mul'achaa jira. Uma 12 irra isa jiru seenaan fi Saaraa abdii Waaqayyo isaanii fi sanyii isaaniif gale ammas in qu'anna.

Keessa deebii

Karoora Waaqayyoo

Fillannoo keenya.

Boqonnaa keessa deebii

Kun qormaata miti. Haata'u malee yeroo tokko tokko waan baranne keessa deebi'uun barbaachisaa dha. Yaada kanaan itti fufaadhaaf jabina qabna. At amma" waa'ee karoora Waaqayyoo fi Filannoo keenyaa" boqnnaa kana keessatti qu'attee xumurteetta. Torbanoota darban waan qu'achaa turte mee haa ilaallu.

- Seera Umama irraa waa'ee umamaa hubachuu
- Macaa Qulqulluun waa'ee uumuu Waaqayyoo waan inni barsiisu hubachuu
- Jechoota tokko tokko caalaatti hubachuuf hiika itti kennuu
    - ❖ Qulqulla'uu
    - ❖ Guyyaa Sanbataa
    - ❖ Qajeelaa ta'u
    - ❖ Ayyaana
    - ❖ Furuu
    - ❖ Amantii
    - ❖ Araara
    - ❖ Kakuu
- Waaqayyo namoota akka bifa isaatii fi fakkenya isaatti kan uume irra gatii guddaa inni ka'e hubachuu
- Itti gaafatama Waaqayyo Ilmaan namoota umamaatti akka bifa Waaqayyootti umamuu isaanii calaqisisan hubachu
- Itti gaaftatama horuu, lafa guutuu fi umama irratti aboo qabaachuu hubachuu
- Yaada Waaqayyo waa'ee gaa'elaa qabu hubachuu
- Sababa cubbuu, hawiisaa fi gatii isaa gad fageenyaan hubachuu
- Tokkoon tokkoon namaa sagalee Waaqayyoo giddu gala jireenya isaatii godhatee akka jiraatu akeeka Waaqayyoo ta'uu hubachuu
- Seenaa Abeelii fi Qaayin sirriitti hubachuu
- Umamni yaada Waaqayyo ala adeemuu isaa hubachuu
- Waa'ee Nohii fi bishaan badiisaa hubachuu
- Abdii Waaqayyo Nohii fi ummama hundumaaf kenne hubachuu
- Bu'aalee dhiifama cubbuu, aarsaa fi kakuu Waaqayyo qopheesse iddoo kennuu
- Hidda dhaloota Nohi baruu
- Sababa Waaqayyo afaan namootaa waliin makeef hubachuu

- Isaan kun qu’annaa keenya keessatti kan ilaallu jechoota ijoo dha.

Baga

Gammaddan!

Qu’annaa kana xumurtaniittu. Waantota baayyee barataniittu. Haata’u malee waan isin barachuu qabdan amma iyyuu waan baayyeetu jira. Hiddi dhaloota keessa kan jiru qu’annaa Macaafi Seera Umamaa boqonnaawan 11 warra jalqabaa xumurtaniittu. ii fi Saaraan biyyaa Kaana’an, Kaaran, keessa akka buufataniif isa murteesse Taaraniin hordofuudhaan deeman. Abdiin Waaqayyoo, nuuf immoo eebbi isaa kan eegalu Waaqaayyo iin Karanii ba’iitti gara biyya an si agarsiisu dhaqi jedhee yeroo waamee dha. Uma 12:1 Akkuma bishaan tokko burqaa isaa irraa yeroo ka’ee deemu akkkuma deemsa dabaleen lageen dabalatee guddachaa adeemuu, atis sagalee Waaqayyoo akkuma qu’achaa adeemtuun beekumsaa fi Amantiin siif dabalama.